# SAKATTA'A HAALA DHIYAANNAA SHAAKALA DANDEETTII DUBBISUU: KITAABA BARATTOOTAA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 8FFAA

MAGARSAA GUDDINAATIIN

GABAASA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAAHEE, YUUNVARSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSI HAWAASAA FI HUMAANIITII, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE

HAGAYYA 2016
JIMMAA, ITOOPHIYAA

YUUNVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA
FI HUMAANIITII MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

# SAKATTA'A HAALA DHIYAANNAA SHAAKALA DANDEETTII DUBBISUU: KITAABA BARATTOOTAA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 8FFAA

QORATAAN: MAGARSAA GUDDINAA

GORSAA IJOO: TASHOOMAA BALAAYINAA (PhD)
GORSITUU AANTEE: YESHII ITICHAA (MA)

HAGAYYA 2016
JIMMAA, ITOOPHIYAA

Yuunvarsiitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaaniitii Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu

Gabaasni Qorannoo Mata-Duree: Sakatta'a Haala Dhiyaannaa Shaakala Dandeettii Dubbisuu: Kitaaba Barattootaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8ffaa jedhu kuni hojii dhuunfaa kiyyaa kan ta'eefi maddeen odeeffannoo qorannoo kiyyaaf ta'u irraa fudhe immoo Wabiilee keessaafi alaatti kanin barreesse ta'uu maqaa fi mallattoo kiyyaanin mirkaneessa.

| Maqaa Qorataa | Mallattoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| Magarsaa Guddinaa | ____________ | ____________ |

Gabaasni qorannoo mata dureen isaa armaan olitti eerame kun gorsa ani kenneen ulaagaa guutuun isaa mirkanaa'eera.

| Maqaa Gorsaa Ijoo | Mallattoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| Tashoomaa Balaayinaa (PhD) | __________ | _____________ |
| Maqaa Gorsituu Aantee | Mallattoo | Guyyaa |
| Yeshii Itichaa (MA) | ___________ | ____________ |

| Maqaa Qortuu Keessaa | Mallttoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| Iristee Akkawaaq (Ass. Pro) | _________ | ____________ |

| Maqaa Haala Mijeessaa/tuu | Mallattoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| _____________ __________ | ____________ | _____________ |

| Maqaa Qoraa/tuu Alaa | Mallttoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| __________ __________ | ____________ | ____________ |

## Axareera

*Kaayyoon qorannoo kanaa, haala dhiyaannaa shaakala dandeettii dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa xiinxaluudha. Ka'umsi qorannoo kanaa: qorataan kitaaba bara 1996 (2004) fooyya'ee baheen yeroo dandeetti dubbisuu barsiisaa turetti, gilgaalli tokko qofaan shaakala dubbisa duraa keessatti dhiyaachuufi shaakaloonni yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa jechuun dhiyaatan Dhibuusaaniiti. Kunimmoo, shaakaloonni dubbisuu kitaaba haaraa bara 2014, maxxanfame keessatti dhiyaatan bifa kamiin akka dhiyaatan xiinxaluudhaaf ka'umsa ta'eera. Qorannoon kun mala qorannoo makaa fayyadamuun gaggeeffame. Ragaan kitaaba kutaa 8ffaa bara 2014, maxxanfame irraa walitti sassaabame gosa qorannoo ibsaa fayyadamuun xiinxalame. Kanarraa ka'uun argannoon qorannoo kanaa: shaakalli dubbisa duraa fi yeroo dubbisuu gilgaala tokkoofi qajeelfama tokko-tokko qofaan yemmuu dhiyaatan, shaakalli dubbisa boodaa garuu gilgaala tokkoofi qajeelfamoota lamaan bifa A, B, tiin dhiyaateera. Qajeelfamoota gilgaalota dubbisuu 38, dhiyaataniin walqabatee shaakalli dubbisa duraa %26.3, yoo ta'u, shaakalli yeroo dubbisuus akkasuma. Shaakalli dubbisa boodaa garuu %47.4, dha. Qabiyyeen dubbisaa: seenduubee barataa, sadarkaa fi umrii barataa irratti xiyyeeffatee kan dhiyaateefi, iftoomina kan qabuudha. Gaaffileen gilgaalota shaakaloota dubbisuu baay'inaan teeknika sakatta'aan dubbisuu hordofanii yemmuu dhiyaatan, gaaffileen teeknika gadifageenyan dubbisuu, tilmaamuu, beekumsa duraa kakaasuufi aritiin dubbisuu hordofanii dhiyaatan muraasadha. Garuu, gaaffileen gilgaala dubbisuu teeknika bal'inaan dubbisuu hordofee dhiyaate akka hinjirre qorannoo kanaan ifoomeera. Shaakala dubbisa boodaa keessatti hiikni jechoota haaraa akka hindhiyaatin mirkanaa'eera. Qajeelfamootni gilgaalota shaakala dubbisuu 28 (%73.7) hojii dhuunfaa irratti yoo xiyyeeffatan, 10 (%26.3) hojii garee irratti xiyyeeffatanii dhiyaatani. Dandeettiin dubbisuun dandeettii biroo keessatti qindaa'ee yoo dhiyaatu, dandeettii dubbachuufi barreessuun ala dandeettiin biroo barannoo dandeettii dubbisuu keessatti qindaa'ee dhiyaate akka hinjirre qorannoo kanaan mirkanaa'eera. Hanqinoota muraasa kitaabicha keessatti ija qorataan mul'ataniif yaadni furmaataa: shaakala dubbisa duraa keessatti gaaffileen garagaraa dhiyaatan gajeelfama of danda'aniin osoo dhiyaatanii, teeknikni bal'inaan dubbisuu osoo hammatamee, qajeelfamoonni gilgaalota dubbisuu hojii garee irrati baay'inaan osoo xiyyeeffatanii kan jedhuufi dandeettileen garagaraa barannoo dandeettii dubbisuu keesati qindaa'uun osoo walkeessa baratamanii gaariidha.*

# Galata

Duraan dursee kan asiin na gaheef Gooftaa kiyya Waaqayyoof galanni haaga'u. Kanatti aansuun gorsitoota kiyya: Dr. Tashoomaa Balaayinaafi Yeshii Itichaa, mata duree qorannoo filachuu irraa eegalee hanga xumura gabaasni kun qophaa'uutti hanga barbaachisu na gorsaa kan turaniif galanni ani qabu guddaadha. Akksumas, haati mana kiyyaa galgalaaf ganama yaadaafi waan barbaachisuun osoo hinnuffin na cinaa dhaabbachaa waan turteef galanni kiyya daangaa hinqabu. Hojjattootni mana kitaabaa barnootaa (Education library) kitaabilee fi qorannoolee garagaraa madda odeeffannoof akka na gargaauuf naaf laachaa turanii fi, kan mana kitaabaa eebba boodaa (post graduate library) komtiratti akkan gargaaramuuf yeroo mara jecha darbii (pass word) naaf laachuun na deeggaraa turaniif galanni kiyya guddaadha. Akkasumas, hiriyoota kiyya kan yaadaafi waan garagaraan na deeggaraa turaniifi kanin osoo maqaa isaanii hineeriin hafeef galanni kiyya haaga'u jechuun fedha.

# Baafata

**Gabate Qabiyyee** **Fuula**

Axareera ........ i

Galata ........ ii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka’umsa Qorannoo ........ 3

1.3. Kaayyoo Qorannoo ........ 5

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannoo ........ 5

1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannoo ........ 6

1.4. Faayidaa Qorannoo ........ 6

1.5. Daangaa Qorannoo ........ 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUULEE WALFAKKII ........ 8

2.1. Yaadrimee Dandeettii Dubbisuu ........ 8

2.2. Faayidaa Dandeettii Dubbisuu ........ 10

2.3. Kaayyoo Dubbisuu ........ 11

2.3.1. Bashanannaaf Dubbisuu ........ 11

2.3.2. Odeeffannoo Argachuuf Dubbisuu: ........ 11

2.4. Modeeloota Dandeettii Dubbisuu ........ 12

2.4.1. Modeela gubbaa gadii (Top-down model) ........ 12

2.4.2. Modeela dakaa olii (Bottom-up model) ........ 13

2.4.3. Modeela walsimsiisaa (Interactive model) ........ 14

2.5. Gulantaalee  Dandeettii Dubbisuu ........ 14

2.5.1. Shaakala Gulantaa Dubbisa Duraa ........ 15

2.5.2. Shaakala Gulantaa Yeroo Dubbisuu ........ 16

2.5.3. Shaakala Gulantaa Dubbisa boodaa ........ 17

2.6. Faayidaa Shaakala Dubbisuu Kitaaba Barataa Keessatti Dhiyaatuu ........ 18

2.7. Hanqina Shaakala Dubbisuu Kitaaba Barataa Keessatti Dhiyaatuu ........ 19

2.8. Dhiibbaa Hanqina Shaakala Dubbisuu ........ 20

2.9. Faayidaa Gaaffilee Shaakala Dubbisuu ........ 20

2.10. Kitaaba Barataa ........ 21

2.10.1. Faayidaa Kitaabni Barataa Sagantaa Barnoota Afaanii Keessatti Qabu ........ 21

2.11. Yaadiddama Dubbisuu ........ 22

2.12. Qorannoo Walfakkii ........ 22

BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA ........ 24

3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 24

3.2. Madda Odeeffannoo Qorannichaa ........ 24

3.3. Irraawwatama Qorannichaa ........ 24

3.4. Mala Funaansa Odeeffannoo Qorannichaa ........ 25

3.4.1. Sakatta’a Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa ........ 25

3.5. Mala Qaaccessa Ragaa Qorannichaa ........ 25

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAA QORANNICHAA ........ 26

4.1. Ibsa Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8ffaa ........ 26

4.2. Baay’ina Gilgaalotaa fi Qajeelfamoota Shaakala Dubbisuu Kitaaba Kutaa 8ffaa ........ 26

4.3. Xiinxala Haala Dhiyaannaa Shaakala Dubbisa Duraa Kitaaba Kutaa 8ffaa ........ 27

4.4. Xiinxala Haala Dhiyaannaa Shaakala Yeroo Dubbisuu Kitaaba Kutaa 8ffaa ........ 29

4.4.1. Haala Dhiyaanna Qabiyyee Dubbisaa Kitaaba Kutaa 8ffaa ........ 31

4.4.2. Haala Dhiyaannaa Teeknikoota Dubbisuu Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa ........ 35

4. 5. Xiinxala Haala Dhiyaannaa Shakala Dubbisa Boodaa Kitaaba Kutaa 8ffaa ........ 50

4. 6. Xiinxala Qindoomina Dandettii Dubbisuu fi Dandeettii Biroo Kitaaba Kutaa 8ffaa ........ 53

4.7. Xiinxala Hanqina Haala Dhiyaannaa Shaakala Dubbisuu Kitaaba Kutaa 8ffaa ................ 57
BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA ...................................... 61
5.1. Goolaba Qorannichaa ........................................................................................... 61
5.2. Argannoo Qorannichaa ......................................................................................... 61
5.3. Yaada Furmaataa Qorannichaa ............................................................................. 62
Wabiilee Qorannichaa ........................................................................................................ 63
CHEEKLIISTII SAKATTA’A KITAABAA QORANNICHAA ............................................................ 67

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Dandeettiin dubbisuu, dandeettiiwwan afaanii warra bu'uuraa keessaa tokko. Dandeettiin dubbisuu, akkuma dandeettii dhaggeeffachuu, gosa dandeettii fudhatoo jedhamuun ibsama. Dandeettiin kun, odeeffannoo /yaada fudhachuuf hirmaannaa sammuu cimaa kan barbaaduudha. Akkasumas, dandeettiin dubbisuu adeemsa si'ataa irratti kan hundaa'u ta'ee, kan dubbisaan waan barreefame tokko beekumsa duraan qabu gargaaramuun ergaa isaa tilmaamu, xiinxaluufi hiikuudha (Alderson 2000, f. 3) jedha.

Qorannoowwan garaa garaa akka agarsiisanitti milkaa'inni barnootaa kan bu'uureeffatu? sababoota adda addaa kanneen akka: dandeettii yaaduu (intelligence), kennaa fi dandeettii addaa (talent and abilities), sababoota nama dhuunfaafi dhimmoota maatiin walqabatan, mana barumsaa ykn bakka barataan itti dubbisu, amala dubbisuufi tarsiimoo dubbisuu, hojii dabalataa mana barumsaan alatti kennamuun hojjataman fa'adha.

Dandeettiin dubbisuu akka madda milkaa'ina barnoota afaaniitti fudhatama. Dandeettiin dubbisuu akka karaa si'oominaan barachuutti fudhatama jechuun Negash (2008) ibsa. Yeroo mara sirna barnootaa keessattii kan ibsamuufi akka bu'uura jalqabbii barnoota hundaatti fudhatamu, barataan sirriitti hindubbifnee fi waan dubbise sirriitti hinhubanne kan hinmilkoofneedha. Qorannoon kunis qabiyyee shaakala dandeettii dubbisuu wajjiin walitti hidhatiinsa qaban irratti hundaa'ee gaggeeffama.

Kunis, shaakala dubbisa dhiyaate tokko hagam akka barattoonni hojjatan, hagam akka hubatanifi yaadatan irratti qorannoo gaggeessuun adda baasanii beekuun kan barbaachisuudha. Kanaafuu, qorannoon kunis dhimma kana xiinxaluuf kan gaggeeffamu ta'a. Kanaan walqabatee, qorannoon kun mata-duree, tarsiimoo dubbisuu shaakala dubbisuu kitaaba barataa kutaa 8ffaa sakatta'uu jedhu irratti xiyyeeffata. Sababni, kitaabni haaraan yeroo ammaa hojiirra oolaa jiru gama tarsiimoo dubbisuutiin walqabatee maal akka fakkaatu beekuun waan barbaachiseefidha.

Dubbisuun adeemsa si'ataa dubbisaan ergaa waan barreeffamee irraa tilmaamu, raagu, xiinxaluu, muuxannoo fi beekumsa duraan qabutti fayyadamee ergaa argachuuf yaaluu ti. "Reading is an

active process where the reader deals with the written materials by guessing, predicting, analyzing and interpreting the message which is beyond mere deciphering in relation to his/her back-ground knowledge" (Getachew, 2013,f. 106) jechuun addeessa.

Hiika armaan oliirraa kaanee dubbisuun adeemsa wanta barraa'e tokko itti qayyabatan akka ta'ee fi dhimma ergaa yookiin hiika wanta barreeffame bira gahuuti. Adeemsi dubbisuu kunimmoo, tarsiimoo ittiin hojiirra oolu qaba. Tarsiimoon dubbisuu, akkaataa ykn tooftaa dubbisuu dubbisaan dandeettii dubbisuu dagaagfachuuf jecha fayyadamuudha.

Kaayyoo dubbisuu beekuuf, teeknikoota dubbisuu adda addaatti fayyadamuun barbaachisaadha. Akkasumas, adeemsa dubbisuu keessatti teeknikootni dubbisuu murteessoodha Suwantharathip (1990). Teeknikootni dubbisuu akka dandeettiin waahubachuu barattootaa dabaluuf taasisa. Ga'umsa dubbisuu afaaniirratti barattoonni qaban akka fooyyeffataniif gargaara.

Meeshaan akka barataan dubbisee milkaa'aa ta'uuf isaan gargaaru teeknika dubbisuuti. Teekna dubbisuu fayyadamuun barattoonni afaan jalqabaan dubbisuu baratanu afaan baratanu sanaan oergaa dabarsuufi fudhachuuf gahumsa akka qabaatan taasisa. Barattoonni yoo shaakala dalaguuf dadhabaniif teeknika dubbisuu fayyadamuun rakkicha furuu danda'uun dubbisaa bu'a qabeessa ta'uu danda'u. Dubbisaa bu'a qabeessii hubannoo isaa qajeelcha; akkasumas yeroo hiika dubbisa tokkoo hubachuu dadhaban teeknika dubbisuu keessaa tokkotti fayadamuun ergaa hubachuu danda'u. **(**Suwantharathip**,** 1990, f. 91).

Kanaafuu, kitaaba barataa keessatti teeknikni dubbisuu haala barattoota shaakalchiisuun dhiyaachuun barbaachisaadha. Sababni teeknikni dubbisuu barattoota bu'a qabeessa taasisa.

Teeknikni dubbisuu, gahumsa dubbisuu barataa dabala. Akka hayyoonni Hunkin & et al, (1993) ibsanitti, barataan tokko bu'a qabeessa ta'uuf teeknikoota dubbisuu adda addaatti fayyadamee dubbisuun barbaachisaadha. Akkasumas, ergaa dubbisa tokkoo hiika qabeessa taasisa jedhu. Kanaafuu, teeknikni dubbisuu kitaaba barataa keessatti dhiyaachuun dandeettiin dubbisuu barattootaa akka guddatuuf taasisuun barbaachisaadha. Faayidaa teeknika dubbisuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatuu hayyoonni Hunkin & et al, 1993, f. 89) akka ittaanutti ibsu.

> *It provides useful examples for poor readers to improve, and gives meaning and purpose to reading. The strategies provided in textbooks such as skimming, questioning and summarizing,*

*have also been proven to enhance reading comprehension and may foster in students a familiarity with such techniques.*

Akka yaada kanaatti, teeknikni dubbisuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatu, akka dubbistootni suuteyyiin dandeettii dubbisuu isaanii fooyyeeffataniif, akka dubbisni hiika qabaatuu fi kaayyoo qabaatuuf fakkeenya dhiyeessa. Teeknikootni dubbisuu kanneen akka: sakatta'aa, gaafannoofi goolabaa, dubbisa qayyabannoo barataa guddisuu keessatti gahee kan qabanuufi mala dubbisuu kitaaba keessatti dhiyaatuun kan barataa walbarsiisu akka ta'etu ibsame. Akka yaada kanaatti, teeknikni dubbisuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatu hubannoo dabalataa akka barataaf kennulle kan hubatamuudha.

Teeknikni dubbisuu akka barataan ariitiin dubbisuu danda'uufillee kan gargaaruudha. Yaada kana Nunan (1989, f. 74) akka ittaanutti ibsa. "Learners are also encouraged to increase their reading speed, and to develop flexible reading strategies (in particular, scanning for specific information, and skimming for an overview of the text)." Akka ibsa kanaatti, barattoonni odeeffannoo murtaawaas ta'ee kan adda addaa dubbisa keessatti dhiyaatu argachuuf tarsiimoo dubbisuu gara garaattii akka fayyadamaniif jajjabeeffamuun barbaachisaadha jedha.

Kanumaraan ka'uun, teeknikni dubbisuu garagaraa gahumsa dandeettii dubbisuu garagaraa barattoota waan goonfachiisuu fi waan guddisuuf haala dubbisuu garagaraa barattoota barsiisuu waan danda'uuf kitaaba barataa keessatti dhiyaatee dandeettiin dubbisuu barattootaa gabbisuun barbaachisaadha. Bu'uuruma kanaan, kaayyoon qorannoo kanaa, haala dhiyaannaa shaakala dubbisuu kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaate sakatta'uun xiinxaluudha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannoo

Qorataan qorannoo kanaa, yoo xiqqaate waggoota torbaaf barnoota Afaan Oromoo kutaa shanii hanga saddeetii (5-8) barsiisaa tureera. Kanumaan walqabatee, kitaabni bara 1996 (2004) fooyya'ee bahe gilgaala tokko qofaan shaakala dubbisa duraa keessatti kan dhiyaateefi shaakaloonni yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa jechuun dhiyaatan hinjiran. Kunimmoo, shaakaloonni dubbisuu kitaaba haaraa bara 2014, maxxanfame keessatti dhiyaatan bifa kamiin akka dhiyaatan baruuf ka'umsa ta'eera.

Kanaaf, haala dhiyaannaa shaakala dubbisuu kitaaba kana keessa jiru xiinxaluun hanqina jiru adda baasuun furmaata ta'uu danda'a jedhamee yaadameeti. Sababni shaakalli dubbisuu sirnaan

kitaaba barataa keessatti dhiyaatee baratamu, akka barattoonni kutaa kana baratan dandeettii dubbisuun ga'oomaniif waan gargaaruuf.

Kanaaf egaa, dandeettii kana qorachuun barbaachisaa ta'ee argameera. Bu'uuruma kanan, dandeeettiii kana irratti hayyoonni maal jedhan kan jedhu yemmuu ilaallu, adeemsa afaan baruuf barsiisuu keessatti, dandeettiilee afaaniitti dhimma bahuun dirqama. Sababni, kaayyoon barnoota afaanii dandeettiilee afaanii gabbisuudha waan ta'eef. Gosoota dandeettiilee afaanii keessaa tokko dandeettii dubbisuuti Nuttall (1992). Yaadrimee dandeettii dubbisuu Nuttall (1992, f. 19) yemmuu eeru, dubbisuu jechuun barreeffama tokko ariitii barbaachisaa ta'een dubbisanii ergaasaa hubachuu jechuudha jedha.

Yaada dabalataa Atkins et al. (1996, f. 39) yemmuu eeranu, "Reading is by far the most important of the four skills...," jedhu. Akka yaada kanaatti dandeetiin dubbisuu dandeettiilee afaanii isaan gurguddoo arfan keessaa dandeettii baay'ee barbaachisaadha. Kanarratti hundaa'ee, kaayyoon dandeettii dubbisuu barattoonni waan dubbisan sana hubachuun shaakala dubbisuu horachuun jireenya isaanii keessatti muuxannoo dubbisuu horatanii akka itti fayyadaman gochuufi.

Dubbisuun adeemsa waan barreeffamee jiru hubachuun hiika itti kennuuti. Yaadrimee dubbisuu Negash (2008) yeroo eeru, "Reading is an active process where the reader deals with the written materials by guessing predicting, analyzing and interpreting the message," jedha. Akka yaada gubbaatti, dubbisuun adeemsa dubbisaan waan barreefame tokko qayyabachuun, yaada barreeffamichaa tilmaamu, raaju, xiinxaluufi muuxannoo duraan qabu dubbisa sanatti fidanii hiika itti laachuudha. Kanaafuu kaayyoon dandeettii dubbisuu barattoonni gargaarsa tokko malee muuxannoo qabanu fayyadamuudhaan waan haarawaa tokko saffisa fudhatama qabuun callisanii dubbisanii hubannoo gahaa akka argatan taasisuudha.

Shaakalli dubbisuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatee hojjetamuun barattootaaf faayidaa guddaa qaba. Yaada kana Cortina & Elder (2005) yeroo ibsanu, faayidaan isaa inni jalqabaa, adeemsa barachuu keessatti, haala (mode) barachuufi mala barnootaa fooyyessuuf, akka barataan odeeffannoo barbaachisaa ta'e dagaagfatuuf, akka barataan yaada qindeessuuf, akka barataan ofiin baratuuf, miira seenduubee qajeelaa barattootaa uumuuf gargaara jedhu.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, shaakalli dubbisuu kitaaba barataa keessatti dhiyaachuun, afaan barachuuf haalaa baay'ee mijataa ta'e uumuufi adeemsa barachuu bu'aa qabeessa taasisuu keessatti gahee guddaa kan qabuudha. Kanarratti hundaa'ee, shaakalli dubbisuu kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti haala eerame kanaan dhiyaatee barachuu barattootaa milkeessuun barbaachisaadha.

Maloota dandeettiin dubbisuu ittiin baratamu keessaa tokko shaakaloota dubbisuu adda addaa fayyadamuun shaakala dandeettii dubbisuu hojjachuudhaani. Kanaafuu shaakalli dubbisuu kitaabicha keessatti dhiyaatan: dandeettilee biroo faana qindoomina qabaachuun, dalagaa garee irratti kan xiyyeeffate ta'uun, teeknikootaa dubbisuu isaan kam irratti akka xiyyeeffate, seenduubee barataa giddu-galeessa kan godhate ta'uun, aadaa, safuu, haala naannoofi fedhii barataa kan gidduu-galeeffate ta'uusaa beekuun barbaachisaa ta'ee argamuudha.

Dabalataan, wantoota dhugummaafi haqummaa kitaabichaa mirkanneessuu danda'an kanneen akka: salphaa ta'uu, wanta danqaa ta'e dhabuu, iftoomina qabaachuu, barbaachisummaa qabaachuu fi sadarkaa barattootaa wajjiin kan deemu ta'uu irratti maal fakkaata kanneen jedhan dhimma xiyyeeffannoo qorannichaati. Kanaaf egaa, qorannoon kunis, mata-duree shaakala dubbisuu kitaaba barataa kutaa saddeettaffaa irratti fuulleffatee gaggeeffameera.

Kanaafuu, qorannoon kun gaaffilee gaditti dhiyaataniif deebii kenneera jedhamee yaadama:

1. Shaakalonnii dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan maal fakkaatu?
2. Shaakaloonni dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan dandeettiilee biroo waliin hammam hariiroo qabu?
3. Hanqinonni shaakala dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatanii maal fa'i? Yaadni furmaataahoo?

## 1.3. Kaayyoo Qorannoo

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannoo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, haala dhiyaannaa shaakala dandettii dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannoo

1. Shaakalota dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan ibsuudha.
2. Shaakalootni dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan dandeettiilee biroo waliin hariiroo qabaachuu isaanii ibsuudha.
3. Hanqinoonni shaakala dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatanii maal akka ta'eefi maaltu akka furmaata ta'u ibsuudha.

## 1.4. Faayidaa Qorannoo

Qorannoon kun, shaakala dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa maal akka fakkaatu, shaakaloonni dubbisuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan sadarkaa daree sanaaf hagam akka barbaachisanu adda baasee kan agarsiisuudha. Kanaaf, faayidaan qorannoo kanaa muraasni akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

- Kitaabni barataa amma hojiirra oolaa jiru kun yemmuu keessa deebi'amee ilaalamu, hanqinoonni gama shaakala dubbisuun jiraniifi wantootni foyyaa'uu qaban yoo jiraatan adda baasee ogeessota dhimma kana irratti hojjetan agarsiisuu danda'a.
- Qopheessitoota kitaabaaf kallattii hanqinaa erruun akka kitaaba barataa hanqina qabu sakatta'anii sirreessaniif kallattii itti agasiisuu nidanda'a.
- Hanqinni shaakala dubbisuu yoo jiraateef, fala kaa'uun itti fayyadamtoonni akka irraa barataniif kan gargaaruudha.
- Bu'aan qorannoo kanaa namoota gara garaa kitaabilee Afaan Oromoofi kaan irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu nidanda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun, kitaaba barataa keessaa, barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014, maxxanfame irratti xiyyeeffachuun shaakala dubbisuu kitaabicha keessatti dhiyaate irratti daanga'ee kan hojjatameedha. Sababni dandeettiin dubbisuu filatameef, dandeettiilee kanneen birootti fayyadamuufillee gahumsa dubbisuu qabaachuun barbaachisaa waan ta'eef xiyyeeffannoon laatameef. Akkasumas, sababaan kitaabni kun filatameef hojiin baruuf barsiisuu kan ittiin eegale bara darbe waan tureefi hagam milkaa'ina goonfachiisuu akka danda'u baruun waan barbaachiseef.

## 1.6. Hanqina Qorannoo

Qorannoo kiyya yemmuun gaggeessu, hanqinoonni garaa garaa anaan mudachuu danda'aniiru. Hanqinni qorannoo kanaa inni jalqabaa, dandeettii dubbisuu barattoota kutaa 8ffaa ga'oomsuu keessatti maal akka fakkaatu adda baasuu hindandeenye. Akkasumas, shaakalli dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaate hojiirra oolmaadhaan maal akka fakkaatu adda baasuun hindanda'amne. Kunimmoo hanqina qorannichaa qorataan osoo hinifoomsin hafeedha. Kanaafuu, qorattootni biroo qabxiilee gubbaatti ibsaman kanneen qorachuun ifoomsuun barbaachisaadha.

## 1.7. Qindoomina Qorannoo

Qorannoon mata duree haala dhiyaannaa shaakala dandeettii dubbisuu: kitaaba barataa kutaa 8ffaa irratti raawwatame, boqonnaalee shan keessatti qoqqoodamuun haala itti aanuun ibsameera. Bu'uuruma kanaan, boqonnaa tokkoffaa qorannichaa keessatti, seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqina qorannootu dhiyaate. Boqonnaa lammaffaa qorannichaa keessatti immoo, yaadrimee dubbisuu, faayidaa dubbisuu, kaayyoo dubbisuu, moodeela dubbisuu, gulantaalee dubbisuu, teeknikoota dubbisuu, hanqina dubbii, faayidaa gaaffilee dubbisuu, gahee kitaaba barataa, yaaxxina dubbisuufi qorannoo walfakkiitu dhiyaate. Boqonnaa sadaffaa qorannichaa keessatti immoo, saxaxa qorannichaa, irrawwatama qorannichaa, meeshaa funaansa ragaa qorannichaa fi mala qaaccessa ragaa qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa afraffaa qorannichaa keessatti immoo gaaffilee qorannoo irratti hundaa'uun cheekliistii shakatta'a kitaabaan odeeffannoolee sassaabamantu mala qorannoo makaan xiinxalamee dhiyaate. Boqonnaa shanaffaa qorannichaa keessattis, cuunfaa qorannichaa, argannoofi fi yaada furmaataatu dhiyaate.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE WALFAKKII

## 2.1. Yaadrimee Dandeettii Dubbisuu

Dubbisuun jireenya. Namni hanguma dubbise jiraata. Kana jechuun jireenya dhala namaa keessatti dubbisuun daran barbaachisaadha jechuudha. Dandeettiin dubbisuu ball'inaan kan ilaalaamuu fi kan ibsamu taanan itti fayyadama afaanii fi dandeettii yaaduu waliin haalaan walitti dhufeenya kan qabuudha.

Dubbisuun adeemsa walxaxaa keessa kan darbuudha. Yaada kana Oumelkhir and Wafa (2016, f. 7) hayyuu biroo wabeeffachuun eereera;

> *Reading is a complex process, because it involves both conscious and subconscious actions by the reader (Thomas, 2009). He claims: "reading is not passive, as it involves the reader in active interaction with what is presented in the text in order to make sense of what is written. M.Bojovic (2010) says reading is complex, purposeful interactive, comprehension and flexible activity that takes considerable time and resource to develop.*

Akka ibsa kanaatti, dubbisuun adeemsa walxaxaa keessa kan darbuudha; sababni dubbisaan gocha dammaqaafi mitidammaqaa ta'e kan fayyamuudha. Akkasumas, dubbisuun adeemsa ceellaa (passive) keessa kan darbuu miti; kunis dubbisaan ergaa barreeffama keessa jiru hubachuuf sochii si'ataa ta'e fayyadamuu waan qabuuf. Dabalataan, dubbisuun dubbisuun adeemsa walxaxaa, hariiroo haayyoo qabeessa, gocha jijjiiramaafi hubatamuu danda'u, akkasumas dandeeticha dagaagfachuuf yeroo fi leecalloo kan gaafatuudha. Ibsa kanarraa kan hubatamu, dandeettiin dubbisuu akka tasaa kan horatamu osoo hintaane, yeroo itti kennuun kan dagaagfatamuufi adeemsa walxaxaa keessa kan darbuudha.

Yaada kana Addunyaan (2012) yeroo eeru, dubbisuun ergaa dubbisaa hiikuun ogummaa gudunfuufi hiikuu, buusuufi baasuu, akkasumas secca'uun geggeeffama jedhee kaa'a. Akka yaada kanaatti dandeettiin dubbisuu, barreeffama irra ija adeemsisuu osoo hintaane, xiinxallii cimaa kan gaafatu akka ta'etu fudhatama. Kanaafuu, dubbisuun argaa yaadaatiin addunyaa daawwachuudha jechuudha.

Dubbisuun dandeettii afaanii keessaa tokko ta'ee gosa dandeettii fudhatoo akka ta'e eerama. Yaada kana Oumelkhir and Wafa (2016, f. 6), "Reading is one language skills which is classified

under receptive skills. Reading is clearly an important skill. In fact, it is much more than a single skill: it involves the coordination of a range of abilities, strategies, and knowledge." jechuun kaa'a. Akka ergaa kanaatti dubbisuun dandeettii fudhatoo jalatti akka ramadamu agarsiisa. Akkasumas, dubbisuun dandeettii daran barbaachisuudha. Dhugaatti, dandeettii qeenxee irra gama dandeettii, tarsiimoo fi beekumsaan qindoomina kan hammatuudha. Akka ergaa kanaatti dandeettiin dubbisuu dandeetti tokko qofaa kan haammatu osoo hintaane qindoomina gahumsa adda addaas akka hammatu agarsiisa.

Dandeettiin dubbisuu hariiroo barruu fi dubbisaa gidduutti taasifamuudha. Yaadni kun akka ittaanutti eerameera. "Reading is a dialogue between the reader and the author. For Lakshmi (2007) reading is the process of using one's eyes and mind to understand the literal as well as the hidden meaning of what the writer was to convey. Oumelkhir and Wafa (2016, f. 6)". Dubbisuun waliin dubbii dubbisaafi barreessaa gidduuti taasifamuudha. Gama biran immoo, dubbisuun adeemsa ijaafi sammuu fayyadamuun yaada dhokataa barreessaan barreeffama keessatti eere hubachuuti jedhu. Akka ergaa kanaatti dandeettiin dubbisuu beekumsa, muuxannoofi ilaalcha duraan qabanu fayyadamuun adeemsa yaada waljijjiiruuti. Dabalataan Hedge (2000) yeroo ibsu, dandeettiin dubbisuu waliin dubbii dubbisaafi barreeffama gidduutti, akkasumas dubbisaafi barreessaa gidduutti taasifamuudha jechuun eera.

Yaada kana kan fakkaatu Nuttal (1996) yeroo eertu, dubbisuu jechuun sammuuwwan giduutti waljijjiirraa hiikaa taasifamu yookiin adeemsa ergaan barreessaa irraa gara dubbisaatti ittiin darbu jechuudha jetti. Gama biraatiin Ur (1991) maalummaa dubbisuu yemmuu ibsu, dubbisuu jechuun adeemsa hubachuu, hiika kennuufi mallattoolee gara sagaleetti jijjiiruuti jedha.

Ogummaa barbaachisaa bu'a qabeessummaa egeree dhalamaa murteessuudha. Barattoonni barruuwwan hinbeekne gargaarsa malee, saffisa barbaachisaa ta'een dubbisanii muuxannoo barbaachisaa ta'e akka irraa argataniif dubbisuu beekuun isaan irraa barbaachisa (Ur, 1991). Yaada kanarraa kan hubachuun danda'amu, dubbisuun gochaa hiika yookiin ergaa waan barreeffame ykn maxxanfame irraa argachuufi adeemsa qaamni tokko qaama biroon itti walqunnamu akka ta'etu hubatama.

Jireenya guyyaa guyyaa taasifamu keessatti dubbisuun dandeettii bu'uuraa fi jireenya dhala namaa keessatti kanneen sirriitti nama barbaachisan keessaa isa tokkoodha jechuun (Miller,

2012) eera. Akka yaada nama kanaatti, dubbisuun jireenya dhala namaa guyyaa hundaa wajjiin walitti hidhatiinsa guddaa qaba jechuudha. Kana jechuun, dhalli namaa hanguma waan tokko dubbisu jireenya isaas fooyyeffataa deema jechuudha. kunis, dubbisuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuudhaaf isa murteessaadha jechuudha. Walumaagalatti, dubbisuun adeemsa si'ataa mallattoo bareeffame hubachuufi adeemsa yaaduufi yaadachuuti.

### 2.2. Faayidaa Dandeettii Dubbisuu

Dandeettiin dubbisuu dandeettii daran barbaachisuudha. Yaada kana, "Reading is considered as the most important skill in language skills, Second or first language students must master" Oumelkhir and Wafa (2016, f. 7). Akka ibsa kanaatti barnoota afaanii keessatti dubbisuun, dandeettii baay'ee barbaachisaa akka ta'etti kan ilaalamamuufi barattootni afaan lammafaa ykn afaan jalqabaa barachuu kan qabaniidha.

Dandeettii dubbisuu goonfachuun afaan dhalootaas ta'ee afaan ormaa baruuf hedduu nama gargaara. Dandeettiin kun dandeettilee afaanii warreen biroof akka bu'uuraatti tajaajila. Yaada kana (Alghazo, 2015) yeroo eeru, ta'iinsa adda addaa uumamu karaaleen dhalli namaa ittiin argatu keessaa inni tokko dandeettii dubbisuuti jedha. Kanaafuu, jireenyi dhala namaa dubbisuun alatti galma gahuu hindanda'u jechuudha.

Dandeettiin dubbisuu sadarkaa barnootaa gadaanaatti xiyyeeffannoo guddaa argachuu qaba. Yaada kana Namid (2005, f. 7) yeroo eeru, "at primary level all teachers must be teachers of reading;" jedha. Kunis, dandeettii dubbisuu sadarkaa gaditti barsiisuun barnoota sadarkaa ol'aanaaf barattoota qopheessuuf gargaara.

Faayidaan dubbisuu inni biraan bashannanaaf dubbisuudha. Kunis, kitaabileen adda addaa kanneen akka: asoosamaa, baacoo, walaloofi kkf. kaayyoo bashannansiisuuf barreeffaman. Barruuleen kunneen bashannansiisaa ergaa kan dabarsan waan ta'aniif dubbisuun ergaan isaa hubatama jechuudha. Faayidaa dandeettii dubbisuu Mueller (1983, f. 202) yeroo eeru, "reading ability is recognized as centrally important, since without it very little academic learning can go on;" jedha. Akka waliigalaatti, akkuma nyaanni garaaf barbaachisu, arguun ijaaf barbaachisu, sammuufis dubbisuun barbaachisaadha.

### 2.3. Kaayyoo Dubbisuu

Namni kamuu dubbisa kan dubbisu callisee osoo hintaane kaayyoo ofiisaa irratti hundaa'eeti. Yaadicha, Oumelkhir and Wafa (2016, f. 7) akka ittaanutti eereera; "Perhaps most often, we read for general comprehension (i,e reading to understand the main ideas and relevant supporting information). We also read for pleasure, with the intention of being entertained or informed." Akka ibsa kanaati, dubbisaan tarii hubannoo waliigalaaf dubbisuu akka danda'uudha. Akka fakkeenyatti, dubbisaan yaada ijoo dubbisaa fi odeeffannoo barbaachisaa ta'e hubachuuf kan deeggaruudha. Kaayyoon dubbisuu kanneen jedhaman: dubbissuu bashannanaa fi dubbisuu qayyabannooti. Tokko tokkoon isaanii Carrell (1989) akka ittaanutti eereera.

#### 2.3.1. Bashanannaaf Dubbisuu

Kaayyoon dubbisuu kun yeroo dabarsuu fi itti gammaduuf kan gaggeeffamuudha. Dandeettii afaanii nicimsa. Bashannanaaf yemmuu dubbisnu itti yaadnee osoo hintaanee callisameetuma kan dubbisamuudha. Yeroo bashannanaaf dubbisamutti, sababani dubbisuu keenya miira keenya waliin kan walqabatuudha (Carrell, 1989). Yeroo kanatti kan dubbisamuuf itti gammanna jennee yaadhamee kan dubbisamuudha. Sababni isaas bashannanuun dhimmoota miira keenyaan kan walqabatanu waan ta'eef (Oumelkhir and Wafa, 2016).

Kanaafuu Namni tokko waan na gammachiisa jedhu dubbisuudhaan dhumarratti gammachuu nan argadha jedhee yade sana kan argatudha (Oumelkhir and Wafa, 2016). Dubbisuun meeshaa bohaartii sammuuti jechuun nidanda'ama. Kana jechuun kitaabileen garaagaara kanneen akka asoosamaa, baacoo, walaloofi kan kana fakkatan kaayyoo bashannansiisuutiif kan barreefaman nijiru. Gosoota dubbisaa kanneeniin, bashannansiisaa barumsa dabarsuu waan danda'uuf dubbisuun ergaa isaa argachuu dandeenya (Carrell, 1989). Yeroo akkasiis yaadaan addunyaa gaddaa keessaa baanee gara addunya tasgabbii qabuutti baqachuuf ta'uu mala.

#### 2.3.2. Odeeffannoo Argachuuf Dubbisuu:

Inni kun immoo odeeffannoo wa'ii argachuuf itti yaadamee kan gaggeeffamuudha. Beekumsa waliigalaa horachuufis nama dandeessisa (Oumelkhir and Wafa, 2016). Gara birootiin ragaa tokko argachuuf itti yaannee kan dubbisnuudha. Gosa dubbisuu qayyabannoos jedhamees niwaamama. Kaayyoon dubbisuu kanaa odeeffannoo argachuufidha (Carrell, 1989). Akka

hayyuun kun jedhutti, gosti dubbisuu odeeffannoof dubbisuu, gosa dubbisuu barbaachisummaa qabu keessaa isa murteessaadha.

Sababni isaas namoonni heddun dubbisawwan adda addaa kan dubbisanuuf odeeffannoo barbaachisaaa ta'e funaannachuufidha (Oumelkhir and Wafa, 2016). Dhugaa jiru dubbachuuf yoo ta'e dubbisuun waantota kaan caalaa kan odeeffannoon yeroo dheeraaf irratti walitti qabamee taa'u waan ta'eef dubbistootaaf barbaachisummaa guddaa qaba. Sababni isaa dubbistoonni meeshalee dubbisuu odeeffannoon adda addaa irratti walitti qabamee jiru dubbisu waan ta'eef jechuudha. Akka yaada (Grellet, 1996) namoonni kan kitaabilee dubbisanuuf waan tokko irraa barbaadaniitu ykn immoo odeeffannoo achirraa argatanuun waa hojjechuuf ta'uu mala.

Yeroo addunyummaan cimte kana keessatti namoonni odeeffannoo funaanuun dhimmoota addunyaa amma keessa jirru siyaasaa, qabeenyaa, aadaa haaromsuuf jecha yeroo itti ko'oommatanidha. Kun immoo dubbisuu keessa keessaan bira gahama. Yaada armaan olii kana irraa kan hubatamu ilmi namaa seenaawwan adda addaa keessa darbee dhaloota har'aa qaqqabe. Ta'iiwwan darban kana immoo hayyoonni seenaa barruuwwan garaagaraa qopheessuun dhaloota si'anaatiif dabarsu. Ta'iiwwan darban kana hubachuuf immoo kitaabota seenaa yeroo durii kaasee keessa darbe irratti barreeffame dubbisuun hubatama (Oumelkhir and Wafa, 2016).

### 2.4. Modeeloota Dandeettii Dubbisuu

Kaayyoon moodeela dubbisuu barattoonni barreefama tokko dubbisuun dalagaalee dubbisaa sadarkaa ariitiin dubbisuu, suuta dubbisuu fi gadifageenyaan dubbisuutiin hiika waan dubbisni tokko qabu bira akka gahan gochuudha jechuun (Miller, 2012) ibsa. Moodeloonni dubbisuu sadarkaa fi dandeettii barattootaa irratti hundaa'ee gosoota adda addaatu jiru. Isaanis: moodeela gubbaa gadii, moodeela dakaa oliifi moodeela walsimsiisaadha Nunan (1993).

#### 2.4.1. Modeela gubbaa gadii (Top-down model)

Akka moodeela kanaatti namni tokko barreeffama tokko dubbisee ergaa isaa kan hubatu muuxannoo duraan qabu bu'uureffateeti. Yaada kana Carrell (1989) akka ittaanuti ibseera; "Top-down approaches refer to the process of constructing meaning of reading comprehension using background knowledge and experiences;" jedha. Haala qabatamaa barattootaan immoo, moodelli

gubbaa gadii barattoota sadarkaa giddu galeessaa irra jiraniif gosa moodeela dubbisni ittii shaakalsiifamuudha.

Yaada dabalataa Nunan (1993, f.78) akka ittaanutti kaa'a; "With top-down approach the reader makes use of his/her background knowledgeof the subject at hand, knowledge and expectation of how language works, and motivation, interest and attitudes towards the text and the context it contains, rather than decoding every symbol." Moodeela gubbaa gadiitiitiin dubbisaan ergaa barreffama of harkaa qabu hubachuuf muuxannoo duraan qabu, beekumsaafi ibsa itti fayyadama afaanii fi, kaka'umsaa, fedhii fi ilaalcha isaa ergaa barruun sun baatuun fayyadama jedha. Akka yaada kanaatti dubbisaan ergaa barreeffamaa hubachuuf ergaa isaa tilmaamuufi muuxannoo ofii fayyadamuun akka barbaachisuudha.

### 2.4.2. Modeela dakaa olii (Bottom-up model)

Akka moodeela kanaatti dhaamsi barreeffama tokkoo barreessaa bira ykn sammuu dubbisaa keessa kan jiru osoo hintaanee barreeffamichuma keessa jira (Nunan, 1993**)**. Moodeela kana Carrell (1989) yemmuu ibsu, "Bottom-Up approaches refer to the process of recognizing smaller units, letters, words, phrases and sentences and decoding meaning from them," jechuun ibsa. Akka ibsa kanaatti moodeelli dakaa olii adeemsa wantoota baay'ee xixiqqoo ta'anii, qubeewwan, jechoota, gaaleewwaniifi himoota keessaa yaada isaanii qalbifachuun fudhachuudha.

Moodeela dakaa olii fayyadamu keessatti dubbisaan elemantoota baay'ee xixiqqoo ta'aniin kan jalqabuufi hubannoo wanta dubbisuu kan dagaagfatuudha. Kunis, barattootni wantoota bu'uuraa kanneen akka qubee fi sagalee kan dhamsaga yaaduuf, caasaa seerlugaa ijaarrachuuf, himootaa fi barruuwwan hubachuuf nama gargaaran yaaduun kan jalqabaniidha (Nunan (1993) jechuun ibsa.

Yaadni dabalataa akka ittaanuutti dhiyaateera. "In bottom-up processing, the smallest units of language are identified first, and these are chained together to form the next highest units, these units are then chained together to form the highest unit and so on" Nunan (1993, f. 78). Adeemsa moodeela kana fayyadamuu keessati dubbisaan jalqaba wantoota baay'ee xixiqqoo ta'an adda baafata, kunis wantoota baay'ee ol'aanoofi kkf walitti fidu jedha.

Moodeela dakaa olii keessatti dubbisaan barreeffama mataasaarraa, jechoota fi himoota dhiyaatan irraa, fi barreeffamichi hiika akkamii qofaa akka baadhatu irraa hiika argata. Kanaafuu moodelli kun sagaleessuu wajjin walitti hidhata (Nunan (1993). Yaada kanarraa kan hubannu,

adeemsa moodela kana fayyamuu keessatti hiikni barreeffama tokkoo jalqaba wantoota baay'ee xixiqqoo kanneen akka sagalee irraa jalqabuun gara qubeetti, jechaatti, gaaleetti fi hima guutuutti ce'uun hiikni uumama male altokkoon dubbisa dubbisuun kan hiikni argatamuu miti jechuudha. kanaafuu, moodeela kana keessatti dubbisaan hiika barreeffama tokkoo argachuuf tartiibni inni keessa darbu jira jechuudha. Walumaagalatti, moodeelli dakaa olii barattoota daree gadi'aanaa biratti akkaataa ittiin dubbisni shaakalsiifamuudha.

### 2.4.3. Modeela walsimsiisaa (Interactive model)

Moodeelli kun hanqinoota moodeela gubbaa gadiifi moodeelli dakaa olii qaban fooyyessuudhaan lamaan isaanii walsimsiisa jedhama. Yaada kana Carrell (1989) akka ittaanutti ibsa, "Interactive approach is the use of both the top-down and bottom-up processing model." Akka yaada kanaatti moodeelli kun elemantoota moodeela gubbaa gadiifi dakaa olii walitti fiduun ergaa barreeffamaa hubachuu akka ta'e agarsiisa.

Gama biraan immoo Nunan (1993, f.81) akka ittaanutti eera; "this model suggests that in comprehending discourse, we use information from more than one level simultaneously, in other words, comprehension is not a simple matter- either of moving from lower to higher, or from higher to lower- but is an interactive process" jedha. Dubbisuun adeemsa walitti dhufeenya hiika barreeffama tokkoo muuxannoo ofii fayyadamuufi barreeffama tokko gadifageenyan dubbisuun adeemsa hiika uummachuu akka ta'e agarsiisa.

Moodelli walsimsiisaan immoo barattootaa sadarkaa olaanaa irra jiraniif gosa moodelaa dubbisni ittiin shaakalsiifamuudha. Kunis, dandeettiin dubbisuu barattootaa sadarkaa gaarii irra kanneen jiraniif kan ooluufi akka dandettii dubbisuu isaanii daran cimsataniif taasiisa (Barnett, 1989). Walumaagalatti moodeelli kun teeknika gadifageenyan dubbisuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uusaa yaada gubbaatti dhiyaate kanarraa nihubatama.

## 2.5. Gulantaalee  Dandeettii Dubbisuu

Gulantaaleen shaakaloota dubbisuu, adeemsa dalagaalee garagaraa itti dalaguufi barreeffama barreeffamee jiru tokko dubbisanii ittiin hubataniidha. Kunis akkaataa qindeeffama gilgaalotaafi kaayyoo gilgaalli dalagamuufi dubbisni dubbifamuuf irratti hundaa'ee haala gara garaan raawwata; (Alghazo, 2015). Fakkeenyaaf, dubbisaan walqabatee guyyaadhaa guyyaatti wantoota

adda addaa kanneen akka gaazexaa, barruulee, asoosama, kitaabbilee barnoota idilee, kitaabbilee amantii, beeksisa adda addaa fi kkf sababoota adda addaaf dubbisaa oolla.

Yaada kana (Cortina and Elder, 2005) yeroo ibsanu, kan dubbisaan dubbisa tokko dubbisuuf kaayyoo ofiisaa irratti hundaa'eeti. Akkasumas, wanti inni dubbisu sababa inni dubbisuuf irratti hundaayee haala adda addaan hojiirra oola. Gaaffileen garagaraas (barnoota biroo keessattis) sababa mataasaanii irratti hundaa'uun dalagamu. Wanti dubbifamu hundi haala walfakkaatuun hindubbifamu; gilgaallis akkasuma jedhu. Akka yaada kanarraa hubatamutti, akkaataan gilgaalli itti dalagamuufi dubbisni itti dubbifamu kan murtaa'u, barreeffama dhiyaatee fi kaayyoo inni dalagamuufi dubbisuuf irrattidha

### 2.5.1. Shaakala Gulantaa Dubbisa Duraa

Akka Bazerman (1997, f. 94) ibsutti, gulantaan dubbisa duraa, barattoonni wantoota dubbisa tokko keessatti ibsamuu danda'an akka dursanii mata duree tokko irratti hundaa'uudhaan waa'ee dubbisichaa gadi fageenyaan xiinxalaniif jedha. Gulantaan dubbisa duraa kun jechoota dubbisicha keessatti kennamuu danda'an dursinee akka tilmaamnu ni gargaara. Osoo dubbisa tokko dubbisuu hin'eegalin mata duree dubbisichaa gadi fageenyaan xiinxaluun yaada barreesichaa akka gaariitti argachuufis ta'ee hubachuuf gargaara.

Akkuma maqaan isaa ibsu gulantaan dubbisa duraa kun adeemsa dubbisuu keessatti sadarkaa isa duraa ta'ee osoo dubbisuu hineegaliin dura bakka waantonni hedduun itti hojjetamanidha. Sababiin isaas gulantaan dubbisaa kun kanneen birootiif ka'umsa ta'uudhaan hojiiwwan akka muuxannoo fi beekkumsa duraanii kakaasuu, waan dubbisa keessatti arguuf jiran raaguufi jechoota ergaa dubbisichaa hubachiisuuf murteessoo ta'niif hiika kennuu fa'a hammata. (Bazerman, 1997). Kanaaf, barattoonni dubbisa dhiyaate akka gaariitti dubbisuu akka danda'niif gulantaa dubbisa duraaf xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha,

### A. Kaayyoo Shaakala Gulantaa Dubbisa Duraa

Gulantaan dubbisa duraa kaayyoo dubbifamuuf qaba. Kaayyoo gulantaan kanaa (Grellet, 1994) akka ittaanutti ibsa: kaayyoo dubbisichaa akka barattoonni hubataniif, barattoonni yeroo dubbisuuf deeman akka hubatanuuf beekumsa duraan qabanitti akka gargaaramaniif, caasaa barreeffamicha

a akka hubataniifi qindoomina barreeffamichaa hubachuun akka dubbisa hubataniif, qabiyyee barreeffamichaa akka tilmaamaniifi akka isaan bareeffamicha dubbisuurratti hirmaataniif, jechoota haaraa dura dhufu akka ibsaniifi kkf dha.

### 2.5.2. Shaakala Gulantaa Yeroo Dubbisuu

Gulantaan dubbisaa kun sadarkaa barattoonni kallattiidhaan adeemsa dubbisuu keessa seenaniidha. Gulantaan yeroo dubbisuu kun yeroo barattoonni waantota dubbisicha keessatti ibsamanii jiran hubacuuf carraaqanidha, Kana ilaalchisee, William (1984, f.34) irratti yeroo ibsu, xiyyeeffannoon gulantaa yeroo dubbisuu yaada barattoonni dubbisicharratti qaban osoo hinta'in ergaa kallattiidhaan dubbisicha keessatti ibsame hubachuudha. Akkasumas, faayidaan gulantaa kanaa, barattoonni kaayyoo barreessichaa hubachuudhaan qindoominaa fi qabiyyee barreeffamichaa akka ibsuu danda'aniif gargaara jedha.

Akka Nuttal (1989, f. 159) irratti ibsutti immoo, gulantaan yeroo dubbisuu kan eegalu yaada waliigalaa dubbischaa hubachuurraa ka'ee suuta suutaan qabiyyee keeyyataa, himaafi hiika jechootaa hubachuudha jettii. Akka yaada kanaatti, gulantaan yeroo dubbisuu kun sadarkaa barattoonni kallattiidhaan adeemsa dubbisuu keessa seenaniidha. Odeeffannoo gooree ta'an argachuuf yeroo dubbifamuudha.

### A. Kaayyoo  Shaakala Gulantaa Yeroo Dubbisuu

Gulantaan yeroo dubbisuu, kaayyoo gageeffamuuf qaba. Kaayyoo kana (Grellet, 1994) yeroo ibsu, tilmaama isaanii kan duraa akka barattoonni mirkaneeffataniif, akka barattoonni of-hoogganun dubbisaniif yemmuu ta'u kunis, tooftaa of duuba deebi'uu, irra deebi'uun dubbisuu, tooftalee murteessuu akka fayyadamaniif.

Haata'u malee, wantoota kanniin hunda bifa tokkooon hindubbifnu. Gulantaa dubbisuu keenyaa kan murteessu akkaataa qinddeeffama barreeffamichaa fi kaayyoo nuti dubbifnuuf sana jechuudha. Adeemsa dubbisuu keessatti teeknikoonni dubbisuu murteessoodha jechudha. Yaada kana Alghazo (2015, f. 93) irratti akka ittaanutti eera.

*Successful students or readers should apply several reading technique, such as recognizing text structure, posing questions, reflecting on behavior or the process, skimming, scanning, semantic mapping , monitoring comprehension, organizing graphs, taking notes, and rereading.*

Akka ergaa ibsame kanaatti, ga'umsa dubbisuu baraataa dabaluudhaaf barsiisonni teeknikoota dubbisuu garaa garaa: caasaa barreeffamaa hubachuu, gaaffii hir'isuu, adeemsa hordofuu, ariitiin dubbisuu, sakatta'aan dubbisuu fayyadamuu, daawwatanii hubachuu, caatoo ykn fakkii qindeessuu, yaadannoo qabachuu fi irra deebi'anii dubbisuu fayyadamuu qabu jedha. Teeknikni dubbisuu dubbisaan tokko fayyadamu, kayyoo inni dubbisuuf kan galmaan geessisu ta'uu qaba.

Teeknikoota dubbisuu kan biroo dubbisaan tokko itti fayyadamuu qabu Alghazo, (2015, f. 93-4) yeroo eeru, "*several technique for effective reading include skimming for the main idea, scanning for details, guessing word, meaning from the context, inference, using discourse markers, etc*." Akka ergaa kanaatti, dubbisuu bu'a qabeessa ta'e gaggeessuuf teeknikootni dubbisuu adda addaa hojiirra ooluu kan qabaniidha. Kunis, akka barattootni yeroo dubbisuu keessatti yaada ijoo dubbisaa adda baasanii barreessaniif, yaada dubbisaa isaaniif hingalle akka erra deebiin dubbisaniif, cuunfaa wanta dubbisanii akka barreessaniifi kkf kaayyeffamee kan raawwatuudha. Armaan gaditti teknikootni kunneen dhiyaataniiru.

### 2.5.3. Shaakala Gulantaa Dubbisa boodaa

Gulantaan dubbisa boodaa kun erga hojiin dubbisuu xumuramee booda bakka waantonni dubbisarratti xiyyeeffachuun itti hojjetamanidha. Bakka barattoonni yaada adda addaa itti calaqqisiisaniidha. Fakkeenyaaf muuxannoo jireenya isaanii wajjin walqabsiisuun jaalala, jibba, hammenya, arjummaa fi kan biroo ilaalchisee bakka itti barattoonni.

Yaada kana Nuttal (1989) yeroo ibsitu, gulantaan dubbisa boodaa barattoonni yaada waliigalaa dubbisichaa akka guduunfan kan isaan gargaaru ta'ee muuxannoo fi beekkumsa jireenya isaanii akka walqabsiisan kan isaan gargaaruudha. Yaada kana Williams (1984, f. 39) irratti yeroo ibsu, kaayyoon gulantaa dubbisa boodaa waan dubbifame ilaalchisee yaada waliigalaa kaa'uuf, beekkumsa, fedhiifi ilaalcha barattootaa wajjin wal qabsiisuu hammata jedha.

Akka Atkins (1996, f. 47) ibsutti immoo, sababiin barsiisaan gaaffilee dubbisa boodaa barattoota gaafatuuf, barattoonni dubbisicha jireenya isaanii waliin akka wal-qabsiisanii fi dubbisicha akka sirriitti hubatan taasisuuf jedha. Akka yaada hayyoota kanneenirraa hubannutti baratаa dubbisaa cimaa ta'e oomishuudhaaf kitaabni baratаa dubbisa irratti hundaa'uun gulantaalee dubbisuu kanneen hunda irratti xiyyeeffatee dhiyaachuun barbaachisaadha.

### A. Kaayyoo Shaakala Gulantaa dubbisa boodaa

Gulantaan dubbisa boodaa kaayyoo adda addaa irratti xiyyeeffachuu qaba. Kaayyoo kana (Grellet, 1994) yero ibsu, yaada callaafi yaada ijoo akka barattoonni adda baasanii ibsaniif, yaadolee adda addaa dubbisicha keessatti dhiyaate akka barattoonni waldorgomsiisaniif, yaadolee adda addaa akka barattoonni walitti hidhaniifi kkf dha. Akka waliigalaatti, shaakalooni dubbisuu kanneen immoo gulantaa dubbisuu adda addaa fayyadamuun kan hojiirra oolaniidha.

## 2.6. Faayidaa Shaakala Dubbisuu Kitaaba Baratаa Keessatti Dhiyaatuu

Karaalee shaakalli dubbisuu barattootaaf ittiin dhiyaatuufi hojiirra oolu kitaaba barataati. Ergaa dubbisa tokkoo hubachuuf shaakala dubbisuu adda addaatti fayyadamuun barbaachisaadha. Shaakalli dubbisuu kitaaba keessatti dhiyaatu, milkaa'inni barattootaa akka mirkanaa'u taasisa. Faayidaan shaakalli dubbisuu kitaaba baratаa keessatti dhiyaachuu, akka barataan hiika ijoofi hiika callaa dubbisaa hubatuuf gargaara (Cortina & Elder, 2005). Akka yaada kanarraa hubatamutti, faayidaan shaakalli dubisuu kitaaba baratаa keessatti dhiyaatu qabu: dandeettii dubbisuu baratаa guddisuu, beekumsa barataan duraan qabu dammaqsuun akka barataan ergaa dubbisa tokkoo sirnaan hubatu taasisuudha.

Faayidaan shaakala dubbisuu kitaaba baratаa qabu, gulantaalee dubbisuu keessatti dandeettii dubbisuu baratаa fooyyessuun akka barataan waan dubbise hubatuuf gahee guddaa taphata (Schunk, 2003). Faayidaa shaakala dubbisuu hayyuun (Schunk, 2003, f. 53).

Yaada eerame kanarraa akka hubatamutti, dandeettiin dubbisuu, akka barataan dubbisa tokkorraa hiika uummatuuf mala barnootaa dagaageedha.

Kanaafuu, gulantaa dubbisuu kanneeniin dubbisaa fi gilgaala adda addaa kitaaba baratаa keessatti dhiyeessuun dandeettiin dubbisuu baratаa akka fooyya'u taasisuun barbaachisaadha.

Walumaagalatti, qorannoon kun shaakala dubbisuu kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaate xiinxaluun kan ibsu ta'a.

### 2.7. Hanqina Shaakala Dubbisuu Kitaaba Barataa Keessatti Dhiyaatuu

Shaakalli dubbisuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatu hanqina irraa bilisa jechuun hindanda'amu. Bu'uuruma kanaan, hanqinni shaakala dubbisuu darbee darbee kitaaba barataa keessatti mul'achuu danda'u. Gulantaaleen haala barbaadamuun xiyyeefannoo dhabuudha jechuun. (Zaccaron and et al, 2017) ibsu. Gama biroon, Junaid, (2015, f. 92) yeroo ibsu, "The lack of Reading skills may affects our attitudes, beliefs, standards, morals, judgments, and general behavior," jedha. akka ibsa kanaatti, hanqinni shaakala dubbisuu dhiibbaallee adda addaa gama: ilaalchaan, amantaan, sadarkaa barnootaan, hamileen, murteessummaan fi amala waliigalaan akka uumuu danda'uudha.

Dabalataan, hanqinni shaakala dubbisuu kitaaba barataa keessatti mul'atu inni guddaan tokko, dubbisni dhiyaatu, haala seenduubee beekumsa barataa irratti xiyyeeffateen dhiyaachuu dhabuu fa'adha. Yeroo tokko tokko dubbisa mata-duree barataan hinbeekne dhiyeessuutu mul'ata; (Zaccaron and et al, 2017). Kunimmoo shakala dubbisuu hojiirra oolurratti danqaa ta'uu danda'a.

Hayyuun Zaccaron and et al (2017, f. 116) yeroo ibsu, "The reading strategy or reading skill focused did not match the description of the instruction…" jedha. Akka ibsa kanaatti, hanqinni shaakala dubbisuu kitaaba barataa keessatti mul'atu shaakaloonni dubbisuu dhiyaatan ajaja dhiyaate irratti xiyyeeffachuu dhabuu fa'an akka mul'achuu danda'uudha.

Akka (Johnston, 1984) tti, mata-duree barataan hinbeekneefi mata-duree barataan beeku dhiyeessuun yeroo barsiifamee ilaalamu, mata-duree barataan beekuun shaakala dubbisuu dhiyeessuun bu'a qabeessadha. Yookaan, barataan mata-duree beekuun shaakala dubbisuu fayyadamu kan mata-duree hinbeekneen shaakala dubbisuu fayyadamu caalaa waan dubbise fi dalage hubachuu danda'a jedha.

Akka Johnston ibsutti immoo, hanqinni shaakala dubbisuu kitaaba barataa keessatti mul'achuu danda'u, gama hiika jechaan, gama yaadrimeen, gama sadarkaa barattootaa irratti xiyyeeffachuun, aadaa barattootaatiin, gama ilaalchaatiiniifi kkf hanqinni jiraachuu danda'a (Johnston, 1984). Bu'uuruma kanaan, qorannoon kun hanqina shaakala dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti mul'achuu danda'u xiinxalee kaa'eera.

## 2.8. Dhiibbaa Hanqina Shaakala Dubbisuu

Dhiibbaan hanqinni tarsiimoo dubbisuu uumuu danda'u hedduudha. Kanneen keessaa muraasni; gahumsi wanta dubbisan hubachuu barataa gadi bu'aa ta'uu, ergaa dubbisa tokkoo dafanii hubachuu dhabuu, kaka'umsa dubbisuu dhabuu, beekumsi gama dubbisuutiin argatamu hir'achuu, hirmaannaa barattootaa gama dandeettii dubbisuutiin gadi buusuu, sirriitti dubbisuu dhabuu (lack of fluency reading), hiika jechoota haaraa wallaaluu, fedhii kitaaba adda addaa dubbisuu dhabuu, dubbisuuf ilaalcha badaa qabaachuu fi akka waliigalaatti fedhii barumsaa dhabuuf illee kan saaxiluudha (Johnston, 1984).

Akka yaada kanarraa hubatamutti, dhiibbaan hanqinni shaakala dubbisuu geessisuu danda'u, beekumsa waliigalaa gama dandeettii dubbisuutiin goonfatamu irratti, beekumsa naannoo, biyyaafi addunyaa gama dandeettii dubbisuutiin argamu irratti, gahumsa dandeettii qayyabannoo irrattiifi kkf irratti dhiibbaa uumuu waan danda'uuf, shaakala kitaaba barataa keessatti dhiyaatu, haala fedhii barattoota heddu giddugaleessa godhateen qopheessun dhiyeessuun barbaachisadha.

## 2.9. Faayidaa Gaaffilee Shaakala Dubbisuu

Akka brown eerutti gaaffileen bu'uura mala gaariifi meeshaa baruu barsiisuuti (Brown, 1994). Itti dabaluun akka eerutti gaaffileen hojjachiisuu hindandeenye kaayyoo barsiisuu galmaan hinga'an jedha. Gaaffileen qabiyyee barnootaa ijoo ta'an irratti akka barattoonni xiyyeeffataniif gargaara. Gama biraan yaada dhokataa ta'e gara qabatamaatti fidee barsiisuu danda'a. Kanaaf gaaffileen akka barattoonni yaada barreeffame tokko dhuunfatanii qalbifataniif gargaara.

Gaaffileen shaakala dubbisuu gosa adda addaatu jiru. Sadarkaan gaaffilee itti qooduun danda'aamu baay'eedha. Hayyoonni (Moore & et.al, 1995) bakka gurguddoo lamatti qooduun ibsu. Isaanis gaaffilee dhiphaafi gaaffilee bal'aadha. Gaaffilee dhiphaan gaaffilee deebiin isaanii waan dubbisan yookiin dhaga'an keessaa fuullumatti deebii argachuu danda'an yoo ta'anu, gaaffileen bal'aan immoo gaaffilee deebiin isaanii kallattiin hinargamnedha. Gaaffileen akaakuu akkanaa dandeettii qalbeeffannaa cimaa kanneen gaafataniidha.

Gaaffileen akaakuu lamanuu barsiisuu keessatti tajaajila mataa isaanii qabu. Ta'ullee akka (Brown, 1994) ibsutti, gaaffileen bu'aa barnoonni ammayyaa barbaadu sammuun barattootaa akka gadifageenyaan yaadu, deebii isaaniitiif sababa isaa waliin kennuu danda'an shaakalsiisuu qabu. Barattoonni gaaffileen sasalphaa qofti dhihaatuuf immoo hanqinoonni kanneen akka

barnoota itti fufaa ta'e dhabuufi deebii isaarratti murteessuuf dhiphinni isaan mudachuu danda'a (Brown, 1994). Kanarratti hundaa'ee gosoota gaaffii kana Brown yeroo eeru, gaaffilee eeyee yookaan miti, gaaffilee kallattii agarsiisan (kana, sana..) gaaffilee gaaffannoo (eenyu, maal, kam, yoom, eessa), gaaffilee sababaa (akkamitti, sababni, maaliif) fa'adha jechuun eera. Qorannoon kunis, gosoota gaaffilee shaakala dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaataniifi hndhiyaatin adda baasuun ibseera.

### 2.10. Kitaaba Baratаa

Akkuma gubbaatti eerame, kitaabni baratаa gosa meeshaalee barnootaa keessaa isa dirqama barbaachisuufi adeemsa baruuf barsiisuu milkeessuu keessatti gahee guddaa qabuudha. Maalummaa kitaaba barataa yeroo (Grellet, 1994) ibsu, kitaaba barataa kan jedhamu kan barattoonni kutaa keessatti fidanii barnoota isaaniif qophaa'e ittiin barataniidha jedha. Akka yaada kanaatti, kitaabni barataa sagantaa barnoota afaanii keessatti kan barataas ta'ee barsiisaa qajeelchuudha.

#### 2.10.1. Faayidaa Kitaabni Barataa Sagantaa Barnoota Afaanii Keessatti Qabu

Adeemsa baruu barsiisuu milkeessuuf meeshaan barnootaa gahee guddaa taphata. Barnoota afaanii sanaafis dirqama jiraachuu qaba .meeshaalee barnootaa kana keessaa tokko kitaba barataati. Kitaabni barataa, sagantaa barnoota afaanii keessatti meeshaa furtuu ta'eedha. Sababiin isaas kitaaba barataa malee afaan barsiisuun waan hindanda'amneef. Faayidaa kitaba barataa kana Richards (2001, f.1) yeroo ibsu:

> *Text books are a key component in most language programs. In some situations they serve as the basis for much of the language input learners receive and the language practice that occurs in the classroom. They may provide the basis for the content of the lessons, the balance of skills thought and the kinds of language practice the students take part in. In other situations, textbook may serve primarily to supplement the teachers instruction. For learners, textbook may provide the major source of contact they have with the language apart from input provided by the teacher. In the case of in experienced teachers, text book may also serve as a form of teacher training.*

Yaanni waraabame kunis, kitaabni barataa daree barnootaatti dandeettii afaanii shaakaluuf (language practice), qabiyyee baratamu qindeessee dhiyeessuu fi dandeettiiwwan afaanii fi shaakala afaanii wal madaalchisuun dhiyeessa. Kana malees, waan barsiisaan dhiyeessu

(barsiisu) guutuu taasisa. Harka baratataa waan turuufis qabiyyee afaanii garaa garaa dubbisuun shaakaluuf oola. Barsiisaa muuxannoo hin qabneef immoo, meeshaa leenjii ta'uun tajaajila yaada jedhu ibsa.

## 2.11. Yaadiddama Dubbisuu

Barattoonni dubbisa tokko haala gaariin dubbbisanii hubachuuf shaakala dubbisuutti sirnaan fayyadamuu qabu. Shaakalli dubbisuu, yaadiddama hordofu qaba. Yaadiddamni shaakalli dubbisuu hordofu, yaadiddama sammuu (cognitive) ti. Yaadiddamni sammuu beekumsa duraan jiru fayyadamuun barachuu barattootaa keessatti gahee guddaa qaba (Williams & Burden, 1997).

Yaadiddamni sammuu, dubbisuun odeeffannoo bilcheessuu keessatti akka adeemsa sammuutti ilaalama. Sunis, odeeffannoo fudhachuuf, kuusuufi, odeeffannoo kuufame achii as deebisee itti fayyadamuuf (Williams & Burden, 1997). Yaadiddamni sammuu akka dubbisaaan hiika ofiisaatii ijaarratuuf isa gargaara jedhu.

Akka ibsa Williams & Burden (1997) tti, yaadiddamni sammuu, hiika dubbisa tokkoo argachuuf, dubbisuun adeemsa odeeffannoo fudhachuun- qubee, jecha, gaalee fi hima adda baasuutti ilaalama. Akka yaadiddama kanaatti, ergaa dubbisa tokkoo hubachuuf dubbisaan beekumsa duraan qabutti fayyadamuun barbaachisaadhas jedhu. Yaadiddamni kun, moodeloota dubbisuu gubbaa gadiifi jalaa olii kan barattoota sadarkaa giddugaleessaaf hojiirra oolu irratti kan xiyyeeffatuudha.

Akka yaada armaan oliirraa hubannutti dubbisaa gahumsa qabeessi beekumsa duraan qabu fayyadama. Dubbisaan ergaa barreeffamicha keessa jiru xiinxaluuf beekumsi duraan qabu murteessaadha. Akkasumas, odeeffannoo haarawaa ta'e argachuuf beekumsa duraan qabutti fayyadamee yaada waraqaa irra jiruun walitti dhiyeessee hiika uummachuu danda'a.

## 2.12. Qorannoo Walfakkii

Qorannooleen adda addaa mata duree qorannoo kiyya kanaan itti siqeenya qaban keessattuu kitaabilee bara 2005 maxxanfaman irratti dalagaman hedduutu jiru. Qorannoolee kanneen keessaa muraasni isaanii akka kanaan gadiitti dhiyaataniiru:

Misgaanuu Dirribaatiin, Mata Duree: "Xiinxala Hubannoof Dubbisuu Barattoota Daree Barnoota Afaan Oromoo: Godina Jimmaa Aanaa Noonnoo Beenjaa Mana Barumsaa Qophaa'ina Algaatti"

jedhurratti Bara 2008, hojjatame. Kaayyoon qorannichaa Sababoota HD barattootaa daangessan, tarsiimoo HD ittiin barsiifamuu, muxannoo barattoonni dubbisanii hubachuu irratti qabanufi xiyyeeffannoo HDtiif kennamaa jiru xiinxaluu irratti kan kaayyeffatedha. Malli qorannoo isaa makaadha. Iddattoo kaayyeffataa fayyadamuun odeeffannoon barataafi barsiisaa irraa sassaabame. Odeeffannoon, bargaaffii, afgaaffifi, daawwannaan sassaabame, mala ibsaan qaacceffame. Argannoon qorannoo isaa, hubannoof dubbisuun bifa sirrii ta'een daree keessatti barsiifamaa akka hinjirre, barattoonni muuxannoo dubbisuu bal'aa akka hinqabneefi xiyyeeffannoon barattoonniifi barsiisonni HD barachuufi barsiisuuf kennaa jiranu laafaa ta'uudha.

Warquu Mokonnon, mata-duree: "Xiinxala Hubannaan Dubbisuu Barattootaa kutaa 7ffaa fi 8ffaa: Haala Mana Barumsaa Afaan Oromoo Burqaa Wayyuu Sad.1ffaa" jedhu irratti bara 2011, hojjatame. Kaayyoon qorannoo isaa, hubannoo dubbisaa barattoota kutaa 7ffaa fi 8ffaa Afaan Oromoo Finfinneetti baratan xiinxaluudha. Qorannoon kunis mala makaan hojjatame. maddi ragaa qorrannichaa barataafi barsiisadha. Ragaaleen qormaata, sakatta'a dookimeentiifi af-gaaffiin sassaabaman mala ibsaan qaacceffame.  Argannoon qorannoo isaa, barattoonni baay'een hubannoon dubbisaa isaanii sadarkaa gahaafi isaa ol keessatti ramadamanii mul'atu. Barattoonni muraasni garuu, hubannoon dubbisaa isaanii gadi aanaa keessatti galmaa'ee jira. Akka waliigalaatti, qorannooleen lamaan kunneen, kitaabilee duraa irratti kan hojjatamaniidha.

Qorannoon kiyya garuu, kitaaba haaraa bara 2014, maxxanfame irratti waan hojjatameef garagaradha. Akkasumas, qorannoon isaanii haala raawwii daree keessaan walqabata. Ta'ullee, dandeettii dubbisuu irratti xiyyeeffachuudhaan, mala qorannoofi gosa qorannoon walfakkeenya qabu. Walumaagalatti qorannoon kiyyaafi qorannoon walfakkiif dhiyaatan kaayyoodhaan garagara.

# BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti, mala qorannichaa wajjin wal qabatan kanneen akka: saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, irraawwatama qorannichaa, mala odeeffannoon ittiin sassaabameefi ittiin qaaccessametu dhiyaate.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa, haala dhiyaannaa shaakala dandeettii dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa xiinxaluudha. Malli qorannoo kana keessatti hojiirra oole mala makaadha. Malli makaan qorannoo qulqulleeffataa fi safarataa walkeessa fayyadamuudha. Maalummaa qorannoo kanneenii (Addunyaa, 2011) yeroo ibsu, malli qorannoo akkamtaa (qulqulleeffataa) qorannoo ragaan isaa bifa lakkoofsaan hinsassaabamin, akkasumas haalli qaaccessa isaas miti-lakkofa ta'eefi bifa ibsa jechaan dhiyaachuu danda'uudha. Qorannoo safarataan immoo, qorannoo ragaan isaa bifa lakkoofsaan sassaabameefi bifa lakkoofsaan qaacceffame jechuudha jedha. Kanaafuu, ragaan qorannoo kanaa bifa lakkoofsaafi jechaan ibsame jechuudha.

Gosa qorannootiin walqabatee, gosti qorannoo ani itti fayyadame, gosa qorannoo ibsaati. Sababiin isaa, kanneen mata-duree qorannoo kanaa wajjiin deeman filachuun qabxii barbaadamu qulqulleeffachuuf kan gargaaru gosa qorannoo kanaati waan ta'eef. Akkasumas, yaadota sassaabaman walbira qabuun xiinxaluuf gosti qorannoo kanaa filatamaa waan ta'eef gosa qorannoo ibsaatti fayyadameen jira.

## 3.2. Madda Odeeffannoo Qorannichaa

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa, kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa yeroo ammaa kana hojiirra oolaa jiruudha. Sababni, kitaabni kun filatameef, kitaabni Afaan Oromoo duraan tajaajila irra ture shaakala dubbisa duraa keessatti gilgaalli tokko qofaan haammatamuufi, shaakalli yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa adda bahee barraa'ee waan hinjirreef kitaabni haaraan kunimmoo bifa kamiin akka dhiyaate sakatta'uun xiinxaluuf kaayyeffame.

## 3.3. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa bara 2014, maxxanfamuun hojiirra oolaa jiruudha. Sababni, haalli dhiyaannaa shaakala dandeettii dubbisuu kitaaba kana keessatti dhiyaate maal akka fakkaatu baruuf yaadameeti.

### 3.4. Mala Funaansa Odeeffannoo Qorannichaa

Malli odeeffannoon qorannoo ittiin sassaabamu hedduutu jiru. Qorannoo gaggeessuuf mala odeeffannoon ittiin funaanamu sirrii ta'e filachuun galma gahiinsa kaayyoo qorannoo fiixa baasa. Yaada kana Dastaa (2013, f. 33) yeroo eeru, qorannoo gaggeesuuf odeeffannoon kan funaanamu bargaaffii, daawwannaa, gaaffii qomaa, sakkata'a dookmantiifi meeshaalee dhag-argee fayyadamuuni jedha. Yaada kanarraa ka'uun qorannoo kana yeroon gaggeessu: sakatta'a kitaabaa fayyadamuun odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'u sassaabbadheera. Sababni, qorannichi kallattumaan kitaaba kana irratti gaggeeffame waan ta'eefidha.

#### 3.4.1. Sakatta'a Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa

Meeshaa qorannoo tokkoof odeeffannoon ittiin sassaabamu keessaa tokko sakatta'a kitaabaati. Kitaabni sakatta'amu kan addaa addaa keessaa tokko ta'uu danda'a. Yaada kana Dastaa (2013) yeroo eeru, barreeffamoota akka odeffannoo qorannootitti fayyadan keessaa kanneen akka: waraqaa ragaa, kitaaba, xalayaa, qaboo yaa`ii, barreeffamoota murtii, yaadannoofi kanneen kana fakkaatan ta`uu danda`u jedha.

Kanarratti hundaa'uun, adeemsa qorannoo kanaa keessatti maddi ragaa tokkoffaafi bu'uuraa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaati. Sababni isaas shaakala dandeettii dubbisuu barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan ilaalchisee ragaa quubsaa ta'e funaannachuufidha. Haaluma kanaan ragaalee quubsaafi gahaa ta'an argachuuf qabxiilee mirkaneeffaannaa sakatta'iinsa shaakala dandeettii dubbisuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeeffaa keessa jiran irratti gaafannoo qopheeffachuun sakatta'insi kan gaggeeffameedha. Sababni isaas, xiinxalli gaggeeffame kitaaba kanarratti waan ta'eef kallattumaan sakkatta'insi kitaaba kanaan walqabata jechuudha.

### 3.5. Mala Qaaccessa Ragaa Qorannichaa

Qaaccessi ragaa odeeffannoo odeefkennitoota irraa argame tooftaa adda addaa fayyadamuun ibsa itti kennudha. Yaada kana (Vithal & Jansen, 2001) yeroo eeranu, odeeffannoo bakka adda addaa irraa sassaabamanii walitti qabaman haala hiika qabeessa ta'een qindeessanii ragaalee qaaccessuun barbaachisaadha jedhu. Haaluma kanaan, odeeffannoon qorannichaaf barbaachisu sakatta'a kitaabaa gargaaramuun erga sassaabamee booda odeeffannoon walitti qabame irra deeebi'amuun qindeeffamee xiinxalamuun mala qorannoo makaa gargaaramuun qaacceeffame.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAA QORANNICHAA

## 4.1. Ibsa Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8ffaa

Kitaabni barattootaa barnoota Afaan Oromoo mootummaa biyyoolessaa Naannoo Oromiyaatiin bara 2014/ 2022, maxxanfamee yeroo ammmaan tana tajaajila laachaa jira. Barreessitootni kitaaba kanaa: Mitikkuu Dibbeessaafi Mokonnon Dhaabaa yemmuu ta'anu, gulaaltotni immoo: Abdiisaa Ayyaanaafi Darajjee Raggaasaati. Madaaltotni kitaabichaas: Abdiisaa Gannatii, Dastaa Taaddagaa, Waaqumaa Waamiifi Yaneenash Saamu'eelidha. Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin bara 2014 qophaa'uun tajajila laachaa jira. Kitaabichi fuula 106, qaba. Qabiyyeen kitaabicha keessatti dhiyaate, boqonnaalee 10, fi barannoo waliigalaa 64, kan hammateedha. Kitaabichi, barannoo dandeettii dubbisuu 10, of keessatti hammatee dhiyaate. Boqonnaaleen kitaabichaa, kaayyoo qabiyyee barnootichaa haala ifaa ta'een hammatee kan dhiyeesseefi barannoo dandettii dubbisuu jalatti gilgaalotni adda addaa hammatamee kan dhiyaateedha.

## 4.2. Baay'ina Gilgaalotaa fi Qajeelfamoota Shaakala Dubbisuu Kitaaba Kutaa 8ffaa

Qajeelfamoonni gilgaalota shaakala dandeettii dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan waliigalaan soddomii saddeetidha. Qajeelfamoonni gilgaalotaa kunneen gabatee armaan gadii keessatti ibsamaniiru.

**Gabatee 1: Baay'ina Qajeelfamoota /Ajajota/ Gilgaalota Shaakala Dandeettii Dubbisuu Kitaaba Kutaa 8ffaa**

| Boqonnaalee | Tarsiimolee Shaakaloota Dubbisuu | | | |
|---|---|---|---|---|
| | **Shaakala dubbisa duraa** | **Shaakala yeroo dubbisuu** | **Shaakala dubbisa boodaa** | **Waliigala** |
| 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 3 |
| | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 2 | Qajeelfama 4 |
| 2 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 3 |
| | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 2 | Qajeelfama 4 |
| 3 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 3 |
| | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 2 | Qajeelfama 4 |
| 4 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 3 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 2 | Qajeelfama 4 |
| 5 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 3 |
| | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 2 | Qajeelfama 4 |
| 6 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 3 |
| | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 2 | Qajeelfama 4 |
| 7 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 3 |
| | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 3 |
| 8 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 3 |
| | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 3 |
| 9 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 3 |
| | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfamoota 2 | Qajeelfama 4 |
| 10 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 1 | Gilgaala 3 |
| | Qajeelfama 1 | Qajeelfama 1 | Qajeelfamoota 2 | Qajeelfama 4 |
| Ida'ama | Gilgaalota 10 | Gilgaalota 10 | Gilgaalota 10 | Gilgaalota 30 |
| | Qajeelfamoota 10 | Qajeelfamoota 10 | Qajeelfamoota 18 | Qajeelfamoota 38 |

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubannutti, gilgaalonni shaakala dubbisa duraa 10, kan yeroo dubbisuus 10, akkasumas kan dubbisa boodaas 10, dhiyaataniiru. Waliigalaan gilgaalonni shaakala dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan 30, yemmuu ta'an qajeelfamootni 38, bifa A, B' tiin gaaffilee adda addaa hammachuun dhiyaataniiru. Gilgaalonni shaakala dubbisa duraafi yeroo dubbisuu qajeelfamoota tokko-tokko qofaa hammachuun waliigalaan qajeelfamoota 20, haammatanii yemmuu dhiyaatan, gilgaalota shaakala dubbisa boodaa kudhan jalatti qajeelfamoonni bifa A, B, tiin 18, ta'an gaaffilee adda addaa hammachuun dhiyaataniiru.

## 4.3. Xiinxala Haala Dhiyaannaa Shaakala Dubbisa Duraa Kitaaba Kutaa 8ffaa

Haalli dhiyaannaa kitaaba kana sakatta'uun xinxalame haala dhiyaannaa shaakalota dubbisuuti. Shaakalonnii gochaalee adda addaa yeroo dubbisa duraa, henna dubbisuufi dubbisa boodaa keessa rawwataman hammachuun dhiyaatu. Akka Nunan (1989) eerutti shaakalonni wanta barataan gochuuf deemu kan adda baasuudha. Akka hayyuun kun addeessutti gochoonni dubbisa duraa hojjataman dhuunfaafi gareen kan raawwatamaniidha. Shaakaloonni kunneen akka itti dhiyaataniifi dalagaalee adda addaa kan barattoota gareen yookaan dhuunfaan hirmaachisu irratti xiyyeeffatanii kan dhiyaatan ta'uusaatu qaacceffame.

Shakalootni dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan kan dubbisa duraa, yero dubbisuufi dubbisa boodaa jedhamuun adda addatti xiinxalamanii dhiyatan. Shakaloota kanneen jalatti dalagaleen adda adda hojjatamaniiru. Shaakala dubbisa dura keesatti hubannoo milkaa'aa ta'e uumuudhaaf dalagalee osoo dubbisni hindubbisamin dalagamantu dhiyatu Nunan (1989). Akka (Harmer, 1996) addeesutti dubbisa laatame akka baratan hubatuuf mala beekumsa barataan amma qabufi duraan qabu kakaasuti jedha. Armaan gaditti gabateen baay'ina shaakala dubbisa duraa kitaaba kuta 8ffaa keessatti dhiyaate ibsu dhiyateera.

**Gabatee 2: Shaakala Dubbisa Duraa Kitaaba Kutaa 8ffa Keessatti Dhiyaate**

| Gosa Shaakala Dubbisuu | Baay'ina | Boqonnaale shaakalli dubbisa dura kessatti dhiyate ibsu | Fuula shaakalli dubbisa dura kessatti dhiyate ibsu | Dhibbantaa |
|---|---|---|---|---|
| Shaakala dubbisa duraa | 10 | Boqonnaa hunda | 4, 15, 30, 40, 49, 58, 67, 76, 86, 98 | % 26.3 |

Kitaaba barataa kutaa 8ffaa kessatti shaakalonni gara garaa hammatamuun dhiyataniiru. Kanan walqabate, boqonaalee hunda kitabichi haammatu kessatti shaakalli dubbisa duraa dhiyaatera. Haata'u malee shaakalonni kunneen haala walmadaaluunn hindhiyane. Addatti shaakalli dubbisa dura qajeelfamoota kudhan qofaan dhiyate. Kana jechuun dalagaan shaakala dubbisa dura dhiyaate kanneen biroorra xiqqaadha.

Akka gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti baay'inni shaakala dubbisa duraa kitaaba kuta 8ffaa keessatti dhiyatee gilgaalota kudhan jalatti qajeelfamoota kudhan qofaan dhiyaate yookan dhibbantaan %26.3, dha. Qajeelfamota dalagaalee dandeettii dubbisuu 38, kitaabicha keessatti argaman keessaa shaakalli dubbisa duraa kudhan qofa ta'e dhiyachuun akka kitaabichi gama kanan hanqina dhiyaanaa qabu addeessa.

Akka Lyihera (2011) ibsituti qajeelfamoota gilgaala dubbisa duraa kitaaba barataa keessatti heddummessun faayidaa heddu qaba. Faayidaan kunis, qabiyyeen dubbisa dubbifamuu akka iftoomina qabaatuf, akka barataan yaada dubbisa kessatti dhufu raaguuf, akka barataan dubbisaaf of qopheessuf gargaara. Akkasumas, shaakala dubbisa duraa kessatti hiika jechoota haaraa

dubbisa keesatti dhiyaatee baay’inan dhiyessuun barsisuun akka barataan jechoota fi gaaleewwan dubbisa kessatti dhiyatan hinbeekne gadi fagenyaan beekuf gargaara. Kunimmoo akka baratan dubbisa dubbisu hubatuuf gargara jetti.

Kanaafuu kitaaba kuta 8ffaa keessatti shaakalli dubbisa duraa yeroo shaakala dubbisa boodan walmadaalchifamu gadi’aanaa ta’uun isaa hubatameera. Akka Aebersold & field (2002) ibsanitti, xiqqeenyi gaaffilee shaakala dubisa duraa, rakkoolee dalagaalee shaakala dubbisa dura keessatti raawwatamanin furaman kannen akka yaada maddisiisuu, gaaffii qabiyee dubbisaan walfakattu gaafachuu, hiika jechoota haaraa dubbisa keessatti dhiyaatuu hubachuufi kkf barattoota saaxiluu danda’a jedhu. Kanarraa kan nuti hubannu, adeemsi dubbisa barsiisuufi barachuu hawwataafi hubatamuu dhabuuf kan affeerufi, hanqinni dubbisaaf barattoota qopheessuu uumamuu kan danda’u ta’uudha.

Shaakalli dubbisa duraa qabiyyeen dubbisa dhiyaatuu maal akka ta’e akka barattoonni tilmaamaniif gargaara.  Akka hayonnii dandettii dubbisuu qoratan eeranitti dandeettii dubbisuu barsiisuu keessatti shaakalli dubbisa duraa faayidaa akka qabu eeru. Akka fakkeenyaatti Aebersold & field (2002) yero addeessanu hanqinni shaakala dubbisa duraa kufaatii hubannoo barataaf bu’uura jedhu. kanaafuu shaakala dubbisa duraa kitaaba barata keesatti hammatamuun barataa jajjabeessuufi kaka’umsa dubbisuu itti uumuuf gargaara.

Dimshaashumatti kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti shaakalli dubbisa duraa haala hayyoonni adda adda eeranirratti hundaa’ee akka hindhiyaatin sakatta’a qorannoo kanaan adda baasuun danda’amera. Kanaafuu kitaabni barataa kutaa 8ffaa shaakala dubbisa duraaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuun carraa barataan dubbisuun duratti qophii taasisuuf qabu akka xiqqeessu taasisa waan ta’eef, haala dubbisaaf barataa qopheessun heddummaatee dhiyachuun barbachisadha.

### 4.4. Xiinxala Haala Dhiyaannaa Shaakala Yeroo Dubbisuu Kitaaba Kutaa 8ffaa

Shaakalli yeroo dubbisuu barattoonni hubannoo waliigalaa argachuuf hirkattumaa tokko male dubbisa dubbisuu akka danda’an gargaara. shaakala yeroo dubbisu keessatti barattoonni yaadannoo qabatu, hiika jecha haaraa baru (Harmer, 1996). Akka William (1984) ibsuti galmi shaakala yeroo dubbisuu qabiyyeefi caasaa dubbisa dhiyeetee hubachuuf barataa deeggara. Akkasumas shaakala yeroo dubbisuu keessatti barattonni maloota dubbisa adda addaa dubbisuu dagagfachuu danda’u. Fakeenyaf shaakala yeroo dubbisuu keesatti barattonni odeeffannoo

waliigalaa argachuuf dubbisa tokko sakatta'aan dubbisuufi ariitiin dubbisun yaada murtaawaa dubbisichaa argachuu danda'u wan ta'eef kitaba barataa keessatti shaakalli yeroo dubbisuu shaakalota kannen biroo faana haala walmadaalen hammachifamee dhiyachuun barbachisaadha. Armaan gaditti shaakalli yeroo dubbisuu kitaaba barataa kutaa 8ffaa kessatti dhiyaate sakata'amuun gabatee armaan gadiin dhiyaateera.

**Gabate 3: Shaakala Yeroo Dubbisuu Kitaaba Kutaa 8ffaa Keessatti Dhiyaate Agarsiisu**

| shaakala yeroo dubbisuu | Baay'ina | Boqonnaa | Fuula kitaabaa shakalli yero dubbisu keessatti dhiyaate agarsiisu | Dhibbantaa (%) |
|---|---|---|---|---|
| Shaakala yeroo dubbisuu | 10 | Hunda | 4, 15, 31, 40, 49, 59, 68, 76, 86, 96 | % 26.3 |

Akka gabatee arman oliirraa hubachun danda'ametti, shaakalli yeroo dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyate boqonnaafi fuula isaa faana sakata'amun dhiyateera. Qajelfamoota gilgaala dandetti dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa kessatti shakalli yeroo dubbisu dhiyate, baay'inan 10 (%26.3). Shaakala yero dubbisuu kana kessatti gilgaalonni adda adda gaaffile adda adda hamachuun hindhiyaanne. Ta'ullee, gilgaalonni adda adda gaaffile adda adda hamachuun osoo dhiyaatee gaarii ture. Ta'ullee kitaaba barataa kuta 8ffaa keessatti shaakalli yeroo dubbisuu akka barataan dandettiilee afaanii adda adda goonfatuuf waan gargaaruuf qajeelfamoota kudhaniin gilgaalota kudhan qofa haamachuun dhiyachuun isaa yeroo shaakala dubbisa boodan walmadaalchifamu xiqqaa akka ta'e sakatta'a kanaan adda baheera.

Haata'u malee akka (Harmer, 1996) addessutti, shaakalli yeroo dubbisuu qajeelfama gilgaala teeknikoota dubbisuu garagaraa barataa shaakalchiisu haammatee dhiyachuun barbaachisadha jedha. Akka (Brown, 2001) addeesutti immooyyuu, shaakalooni yeroo dubbisuu dhiyatan akka baratonni sakatta'aan dubbisuun odeeffannoo murtawaa argataniifi, akka isan ariitiin dubbisun yaada ijoo argataniif xiyeffatee dhiyachuun barbaachisaadha jechuun kaa'a. Kanaaf jecha, gilgaalli qajeelfamota adda addaa akka baratan teeknikoota dubbisuu adda adda fayadamuun dandeetti dubbisu adda addaa goonfatuuf dhiyaachun gaariidha.

Fakkeenyaf, gilgaali 6 kan boqonnaa tokko keessatti dhiyate akka barataan saffisaan dubbisa dubbisuun odeeffannoo waligalaafi yaada ijoo dubbisichaa hubachuun gaaffilee dhiyaatan deebisuuf irratti xiyeffate dhiyate. Kanaafuu, baratooni yemmuu dalagaa kana raawwatan yaada ijoo dubisa dubbisanii nihubatu, waan hubatan immoo yaada mataasaaniin ibsuu danda'u. Kunimmoo dandeettii dubbisuu isaaniifi itti fayadama teeknika dubbisu isaanii dagaagsuuf gargaara.

Akka Brown (2001) kaa'utti, teeknikni sakata'aan dubbisuu dubisa tokko saffisaan dubbisuun yaada isaa isa ijoo ta'e hubachuudha jedha. Akka isaatti dubbisa tokkorraa odeeffannoo ijoosaa hubachuuf dubbisaan qabxiilee ijoo ta'an irratti xiyeffachuu akka qabu addessa. Kanaafu kitaabni barataa kutaa 8ffaa haala hayyonni eeran kanneen irratti xiyyeeffatee shaakala yeroo dubbisuf xiyyefannoo kennee dhiyaachuun barbachisaadha. Xumura irratti gosti gaafii shaakala yeroo dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa kessatti dhiyaate akkaataa gaafatamaniin deebisuu qofa irratti xiyyeeffatee akka dhiyeate qorataan sakkattoo tasise irraa hubachuu danda'eera.

### 4.4.1. Haala Dhiyaanna Qabiyyee Dubbisaa Kitaaba Kutaa 8ffaa

Dubbisni kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaate qabatamaa ta'uusaa, sadarkaa fi umrii barattoota kutaa 8ffaa waliin kan deemu ta'uusaa, seenduubee barataa giddugaleessa kan godhate ta'uusaa, gilgaala dhiyaatee wajjin kan walsime ta'uusaafi kan biroo irratti hundaa'ee dhiyaachuusaa xiinxala taasisameen hubatameera. Akka Cunning worth (1995) ibsutti yeroo xiinxalli qabiyyee dubbisa tokkoo gaggeeffamu gosti dubbisa dhiyaatee maal irratti akka xiyeeffatu, dubbisichi teeknika dubbisuu gaarii akka barattonni dagagfataniif kan tumsu ta'uufi dalagaaleen dhiyaatan dubbisa dhiyaatanii wajjin kan walsiman ta'uu irratti xiyyeeffatamuu qaba jedha.

Akkasumas, qabiyyeen dubbisaa haala hubatamuu danda'uun dhiyaachuun barbaachisaadha.. Sababni, dubbisni tokko haala walxaxaa ta'een yemmuu dhiyaatu rakkoolee garagaraaf barattoota saaxila. Yaada kana (Carroll, 1997) yemmuu ibsu, dubbisni caasaa himaa walxaxaa ta'een qophaa'e, dubbisni jechoota baramoo hintaaneen qophaa'efi dubbisni haala salphaa ta'een hubatamuu hindandeenye kufaatii barataaf sababa jedha. Kanarraa ka'uun, dubbisni kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaate haala dandeettii barataa kutaa 8ffaa irratti hundaa'ee fi haala salphaa ta'een qophaa'ee dhiyaachuu isaa qorataan adda baasuu danda'eera.

Kanaan walqabatee dubbisni kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaate sadarkaa fi umrii barattoota kutaa 8ffa giddu-galessa kan godhate ta'uu qorataan xiinxala taasise irraa arguu danda'eera. Kunis, qabiyyeen dhiyaate dandeettii xiinxala sammuu barattoota kutaa kana baratanuun kan walmadaalu ta'uu adda baasuun danda'ameera. Akka fakkeenyaatti, qabiyyee dubbisaa kitaaba kana keessatti dhiyaate keessaa mata dureen **Daa'imman Hojii Humnaa Olii Hojjachiisuu** jedhuufi, dubbisni **Sadarkaalee Umrii Sirna Gadaa** jedhan, sadarkaa fi umrii barattoota kutaa kanaan kan walsimu ta'uu sakatta'a kanaan hubatameera. Akkasumas, dubbisootni: **Hojjatanii Duroomuu**' jedhu, kan fuula 5, irratti dhiyaate, dubbisni '**Amanamummaa**' jedhu kan fuula 8, irratti dhiyaate sadarkaafi umrii barattoota kutaa kanaan walsima. Sababni, barattootni umrii irra jiranu kanarraa akkamitti hojjatanii duroomuun akka danda'amu ammuma irraa beekuun barbachisaadha waan ta'eef. Akkasumas, amanamummaan hawaasa keessatti bakka guddaa waan qabuuf ammuma irraa kaasanii hubannoo keessa akka galchaniif ta'ee dubbisni dhiyaachuun barbaachisaadha.

Dubbisni kitaaba barataa kutaa 8faa keessatti dhiyaate iftoomina kan qabuudha. Dubbisa iftoomina qabu kitaaba barataa keessatti fayyadamuun dandeettii dubbisuu barattootaa dagaagsuufi akka ergaan dubbisaa haala salphaan qalbifatamuuf gargaara. Qabiyeen dubbisaa iftoomina qaba kan jechisiisu maddoota kanneen akka barrulee adda addaa, gaazexaa, oduu raadiyoo, dubbii namoota bebbekamoo, asoosamoota dhedheeroofi gaggabaaboo, seenaalee, beeksisootaafi kan biroo ykn kan dhimmoota hawaasaa, diinagdee, siyaasa, aadaafi kan biroo hammatu ta'uu danda'a (Tomlinson, 1998) jechuun kaa'a.

Akka Grellet (1996) jedhutti immoo, qabiyyeen dubbisaa kitaaba keessatti dhiyaatu iftoomina qaba kan jedhamuufi hubachuuf salphaadha kan jedhamu yoo: durduriiwwan, barreeffamoota seenaa, barruuwwan hambaalee killayyaafi qabatamoo, galmee yaadannoowwan namootaa, seenaa namootaa fi kkf. kan haala qabatamaa barataa sanaan walsimu yoo ta'eedha jedha.

Kanarraa ka'uun akka qorataan sakatta'a kitaabaa taasiseen bira gahuu danda'etti, qabiyeen dubbisa kitaaba kuta 8faa keessatti dhiyaatan dubbisa iftoomina qabaniraa kan walitti qabamaniidha. Akka fakkeenyatti dubbisni '**Hojjatanii Duroomuu**' jedhu, kan fuula 5, irratti dhiyaate,  '**Amanamummaa**'fuula 8, irratti dhiyaate, '**Masaraa Kumsaa Morodaa**' jedhu kan fuula 16, irratti dhiyaate, dubbisni '**Fardi Keenyas Halkan Kunis Rimeessa'** jedhu kan fuula 41, irratti dhiyaate, dubbisni waa'ee Abbaa Mul'ataa ibsu, dubbisni '**Manca'iinsa Bosonaa**'

jedhu kan fuula 59, irratti dhiyaate, dubbisni, **Daa'imman Hojii Humnaa Olii Hojjachiisuu**, fuula 68 irratti dhiyaate, dubisni '**Sirna Gadaafi Nageenya**'jedhu kan fuula 77, irratti dhiyaateefi, dubbisni **Maalummaa Diraamaa**, fuula 96, irratti dhiyaate, hunduu yaada hayyootaa kana nimirkaneessu.

Qofaatti, dubbisni '**Woyyooma Namaa'** jedhu kan fuula 31, irratti dhiyaate jechoota looga kibba Oromiyaatti tajaajilanuun dhiyaate. Garuu dubbisni kun bifa kanaan dhiyaachuun isaa akka barattootni godinaalee garagaraa keessa jiran jechoota adda addaa walirraa barataniif kan tumsu ta'uu sakatta'a taasifameen hubatameera. Kanarraa ka'uun, qabiyyeen dubbisaa kitaaba kana keessatti dhiyaate iftoomina kan qabu ta'uusaa sakatta'a taasifameen hubatameera.

Maloota dandeettiin dubbisuu ittiin baratamu keessaa tokko dubbisa adda addaa fayyadamuun gaaffilee shaakala dandeettii dubbisuu hojjachuudhaan akka ta'e seenduubee qorannoo keessatti kaa'ameera. Kanarraa ka'uun qabiyyeen dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan seenduubee barataa kutaa 8ffaa giddugaleessa godhachuun kan dhiyaate ta'uun sakatta'a taasisuun hubatameera. Akka fakkeenyaatti, qabiyyeen dubbisaa **Naamuusa hojii jedhuufi Wayyooma Namaa** jedhu seenduubee barataan kan walsimuudha. Kana jechuun, qabiyyeen dubbisaa kitaabicha keessatti dhiyaate, haala jiruuf jireenya barataa kutaa 8ffaa, aadaa, safuu, fedhii fi haala naannoo barataa giddu-galeessa kan godhatee qophaa'e ta'uusaa qorataan sakatta'a taasiseen hubateera.

Dubbisonni kunneen hunduu dhugaa qabatamo dhimmoota garagaraa irratti kan xiyyeffatanidha. Dubbisonni kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan dhimmoota kanneen akka dhimmoota hawaasaa, aadaa, seenaa, saayinsii, haala jireenyaa fi teessuma lafaa, diinagdee fi kan biroo irratti xiyyeeffatanii dhiyaatan.

Akka fakeenyaatti dubbisni **Sirna gadaa fi nageenya** jedhu dhima hawaasummaa fi siyaasa irratti kan xiyyeeffate yemmuu ta'u, dubbisni fardi keenyas halkan kunis rimeessa jedhau immoo dhima afoolaa ykn seenaa irratti akka xiyyeeffatee dhiyaate kan hubatamuudha. Yaada kana Cunnings worth (1995) yeroo ibsu meeshaaleen barnootaa dubbisoota iftoomina qaban kan dhimma qabatamaa hawaasa kitaabicha baratuu irratti hundaa'uun qophaa'uu qaba jedha. Akka yaada isaatitti kitaabni barataa dubbisa bilisa ta'eefi amanamummaa qabu haammatee dhiyaachuun barbaachisaadha.

Kan biraan, dubbisni, **Daa'imman Hojii Humnaa Olii Hojjachiisuu**, jedhu kan fuula 68 irratti dhiyaate, sona aadaa fi hawaasummaan walsimee dhiyaateera. Sababni gosti dubbisaa kun haala qabatamaa hawasaa irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef. Akka Cunnings worth (1995) barreesetti kitaabni barataa kallatiinis ta'ee alkallatiin sona aadaafi hawaasummaa irratti xiyyeeffate dhiyaachuu qaba jedha. Qabiyyeen kun aadaa hojii humnaa olii daa'imman hojjachiisuu irratti xiyyeeffatee dhiyaate. Akka naannoo barattoota kitaaba kana barataniittis, daa'imman osoo qaamaan hinbishaatin hojii humnaa olii keessatti akka hinhirmaanne nigorfama.

Akka sakattoo taasifame irraa hubachuun danda'ametti dubbisni kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti dhiyate haala gatii ykn sona aadaa fi hawaasaa barataa irratti xiyyeffateen kan qindeeffamedha. Kunis akka barataan kaka'umsaan dubbisuuf fedhii kessatti uuma. Kunimmoo akka beekumsi barataa babal'atuufi akka hubannoon isaanii dagaaguuf gargaara. kanaafuu dubbisni bifa kanan dhiyachuun akka barataa biratti hawataafi miidhagaa ta'uuf gargaara. Akka Mishan (2005) eerutti dubbisni bifa sona aadaafi hawaasa eeggateen dhiyachuun akka baratan walqunnamtii fayyalessa ta'e uumuu danda'uuf gargaara jedha. Kanaafuu dubbisa kitaaba barataa keessati dhiyatu haala sona aadaafi hawaasaa giddu galessa godhate taaisuun akka barataan gahumsa walqunnamtii qabaatuuf gargaara waan ta'eef dhiyaannaan dubbisa kitaaba filatamee gaarii ta'uu qorataan hubateera.

Akka qorataan xiinxala gaggesse irraa adda baafachuu danda'eti dubbisni dhiyaate dandeettilee biroo kanneen akka ogbarruu, fayyadama jechootaa garagaraa haala seerlugaafi caasaa dubbii hubatamuu danda'uun hammatee kan qophaa'eedha. Fakkeenyaf, dubbisni **'Fardi Keenyas Halkan Kunis Rimeessa '**jedhu, kan fuula 41, irratti dhiyaate jechamoota adda addaafi hiika jechaa adda addaan dabaalamee kan dhiyaateedha. Akka Carroll (1997) ibsutti dubbisni tokko, qabiyyee adda addaa kanneen akka ogbarruu fa'aan dabaalamee dhiyaachuun isaa akka barattootni ogbarruu dubbisaan barataniif tumsa taasisa jedha. kanaafuu, dubbisni seenaa mootichaa ibsu qabiyyee jechamootaafi hiika jechoota adda addaan dabaalamee dhiyaachuun isaa gaarii ta'uu kan irraa hubatamuudha.

Kitaabni barataa tokko dubbisoota gooroolee adda addaa hammatee dhiyachuu qaba. Yaada kana (Carroll, 1997) yemmuu ibsu, kitabni barataa gaariin dubbisoota gooroo adda addaa haammate, kan dandeettii gara gara kaayyoo afaan barsiisuu saalphaa fayyadamuun barattoota hirmaachisu hammatee dhiyachu qaba jedha. Akka fakkeenyatti, dubbisootni waa'ee seenaa ijaarsa masaraa

mootii, dubbisni sirna gadaa ibsu, dubbisni dhimma amanamummaa ibsu, dubbisni dhimma hojii ibsu, dubbisni maalummaa diraamaa addeessu hunduu gooroo garagaraa irratti xiyyeeffatee kan dhiyaateedha. Kanaafuu, kitaabni barataa kuta 8ffaas kayyoo dandettiilee afanii gara garaa kan haala adda addaan baratotota hirmachisu hammatee dhiyate ta'uu xiinxala gaggeeffame irraa hubatamuun danda'amera.

### 4.4.2. Haala Dhiyaannaa Teeknikoota Dubbisuu Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa

Teeknikni dubbisuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatu kaayyoo dubbisuu irratti hundaa'ee gosa dubbisaa adda addaa akka barataan baruuf kaayyeffamee kan dhiyaatuudha. Kanaafuu akka barattoonni teeknikoota dubbisuutti fayyadamaniif maalummaa teeknikoota dubbisuu kitaaba keessatti dhiyeessuurra akkataa teeknikootni dubbisuu itti tajajilan qajeelfamootaan qindaa'ee dhiyaachuun barbaachisaadha. Kuniimmoo itti fayyadamni dandeettii kanaa akka guddatuuf deeggara (Michael, 2003). Kanaafuu maalummaa teeknikoota dubbisuu dhiyeessuun barsiisuurra itti fayyadama teeknikootaa akka shaakalaniif qajeelfamootan dhiyeessuun barbachisadha.

Dandeettii dubbisuu barataa dabaluufi dagaagsuuf itti fayyadamni teeknikoota dubbisuu barbaachisaafi gahee bu'a qabeesssa ta'e akka qabu ragaalen hedduun jiru jechuun (Michael, 2003) beektota heddu wabeeffatee eera. Akka ibsa isaatti teeknikootni dubbisuu dhiyaatan barataa hanqina beekumsaa qabuufi kan dandeetti dubbisuu gadaanaa qabuuf faayidaa heddu qaba jedha. Kanafuu dandeettii dubbisuu barattoota kanneenii jiranif teeknikootni dubbisuu haalan dhiyaachun ittiin shaakalamuu qabu. Teeknikni dubbisuu itti fufaa ta'e kitaaba barataa keessatti dhiyaachuun barataa dandeettii dubbisuun ga'oomeefi gara fuula duraatti sodaa takka malee itti fayyadamuu danda'u oomishuuf barbaachisaadha. Kanaafuu teeknikoota dubbisuu boqonnaa lammafaa waraqaa kana kessatti dhiyaataniin walqabatee kamtu akka kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti akka haammatameefi, kamtu akka hinhaammatamin sakattoo gaggeessuun armaan gaditti dhiyaatera.

### A. Teeknika Beekumsa Duraa Kakaasuun Dubbisuu

Teeknikni beekumsa ykn muuxannoo duraan qaban kakaasuu, muuxannoo waliigalaa barattootni yemmuu dubbisa dubbisan gara barruutti fidanuun fayyadamaniidha. Akka (Nuttall, 1996) ibsitti barattootni yeroo dubbisa dubbisan, barruu dubbisan sana beekumsa duraan qabaniin walsimsiisanii mata duree dubbisaafi ergaa dubbisa dubbisanii sana hubachuuf gargaaramu.

Teeknika muuxannoo duraan qaban fayyadamuun dubbisuun walqabatee, kitaabni kutaa 8ffaa sakatta'ameera. Akka fakkeenyatti gaaffilee gilgaala shaakala dubbisa duraa keessatti dhiyaatan deebisuuf barattootni beekumsa duraan qaban fayyadamuun deebisuu akka qaban qajeelfamni gilgaala 5, boqonnaa 2ffaa, fuula 15, keessatti kitaabicha keesatti dhiyaate kutamuun armaan gaditti dhiyaate ni'addeessa.

**Barannoo 3: Dubbisuu**

**Gilgaala 5** **Dubbisa gadii dubbisuun dura hambaaleen Oromiyaa gadiitti tarreeffaman eessatti akka argaman kan beektan walitti himaa.**

Qajeelfama kanarratti hundaa'uun barattootni hambaalee Oromiyaa 1-6tti kitaabicha keessa jiran irratti hundaa'uun odeeffannoo hambaalee kanneenii duraan qaban akka waliif qoodaniif ajajni dhiyaateera. Kanaafuu, qajeelfamni kun teeknika beekumsa duraan qaban kakaasuun dubbisuu fayyadamuu irratti xiyyeeffatee kan dhiyaate ta'uu agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, qajeelfamni gilgaala 5ffaa, boqonnaa 4ffaa, fuula 40, kitaabicha keessatti dhiyate kutamuun akka armaan gadiitti dhiyaateera.

**Gilgaala 5**

**Gaaffilee kanaa gadii beekumsaafi muuxannoo duraan qabdan irratti hundaa'uun gareen mariyachuun dareef gabaasaa.**

1. Durdurii waa'ee moototaa seenessuu dhageessanii beektan walitti himaa.
2. Durdurii waa'ee "Fardi Keenyas, Halkanis Rimeessa" jedhu dhageessanii beektuu? Waan beektan walitti himaa.

Qajeelfamni gilgaalichaa kitaabicha keessaa kutamuun akka armaan olitti dhiyaate teeknika beekumsa duraan qaban fayyadamuun deebisuu irratti akka xiyyeeffatu ni'agarsiisa.

Gabaabinaan, boqonnaa 5ffaa, gilgaala 5, fuula 49, keessatti, boqonnaa 6ffaa, gilgaala 5, fuula 58, keessatti, boqonnaa 7ffaa, gilgaala 5ffaa, fuula 68, keessatti, boqonnaa 8ffaa, gilgaala 5ffaa, fuula 76, keessatti, boqonnaa 9ffaa, gilgaala 5ffaa, fuula 86, fi boqonnaa 10ffaa, gilgaala 5ffaa, fuula 96, keessatti qajeelfamooni gilgaala shaakala dubbisa duraa dhiyaatan marti, teeknika muuxannoo duraan qaban fayyadamuun deebiin gaaffilee kan deebi'u ta'uu sakatta'i taasifame nimirkaneessa.

## B. Teeknika Tilmaamuun Dubbisuu

Teeknika tilmaamuun dubbisuu keessatti barattootni ykn dubbistootni dandeettii ofii isaanii fayyadamuun wanta itti aanee dhufu tilmaamuu akka tilmaamaniif kan qajeelchudha.

Kunis, madda dubbisaa xiqqoo ta’e (fknf, hiika jechootaa ykn gaaffilee dubbisa duraa) fayyadamuun dubbisa ykn barruu dubbisuuf deeman tilmaamuu kan danda’an ta’uusaati. (Nuttall, 1996)

Fakkeenyaf, boqonnaa 1ffaa, fuula 4, gilgaala 5, keessatti gaaffiin tarree 3ffaa irra jiru teeknika tilmaamuu fayyadamuun deebisuu irratti xiyyeeffata. Yaada kana dhugoomsuuf gaaffiin kitaabicha keessaa kutamuun akka armaan gadiitti dhiyaateera.

3. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

a. duroomuu b. naamusa c. dandamachuu d. milkaa’uu

Boqonnaa 4ffaa, gilgaala 5ffaa, fuula 40, keessatti gaaffiin lakkoofsa 3ffaa, shaakala dubbisa duraa keessatti dhiyaatan kitaabicha keessaa kutamuun akka armaan gadiitti dhiyaateera.

3. Hiika jechaa ykn jechamoota armaan gadii tilmaami.

a. garaan bishaan ta’uu b. rimeessa c. fuula baduu d. gara laafettii

Gaaffii kanarraa akka hubannuti, hiika jechootaa dubbisa keessatti dhiyaatan osoo dubbisa hindubbisin akka barattootni tilmaamaniif ajajeera. Kanaafuu, gaaffiin kun teeknika tilmaamuun dubbisuu irratti akka xiyyeeffatan agarsiisa.

Gabaabinaan, boqonnaa 5ffaa, gilgaala 5, fuula 49, keessatti, boqonnaa 6ffaa, fuula 58, keessatti gaaffiin lakkoofsa 3ffaa, akkasumas boqonnaa 7ffaa, gilgaala 5ffaa, fuula 68, gaaffiin lakkoofsa 4ffaa, fi boqonnaa 8ffaa, gilgaala 5ffaa, fuula 76, keessatti gaaffiin lakkoofsa 2ffaa, gilgaala shaakala dubbisa duraa keessatti dhiyaatan, teeknika muuxannoo duraan qaban fayyadamuun deebiin hiika jechootaa akka deebi’u sakatta’i taasifame nimirkaneessa.

## C. Teeknika Aritiin Dubbisu

Teeknikni ariitiin ykn saffisaan dubbisuu mala dubbisuu barattootaaf barbaachisuudha. Teeknikni kun dubbisa dubbifamu irra ija deemsisuun odeefannoo ijoo ta'e yookaan yaada waliigalaa dubbisaa barbaaduudha (Michael, 2003). Teeknikni ariitin dubbisuu teeknika dubbisuu kitaaba barataa keessatti hojiirra ooluudha. Gosa teeknikaa barattoota jajjabessuf gargaruudha. Teeknikni kun dubbisuu salphaa taasisa; Cunnings worth (1995). Akka qorataan qacessa gaggeessetti gaaffilee qajeelfamoota gilgaala dubbisuun walqabatanii kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyatan keessaa gaaffileen gilgaala tarsiimoo shaakala dubbisa duraa martinuu muuxannoo duraan barataan qabu fayyadamuun deebii laachuu irratti xiyyeeffatee kan dhiyaate ta'uu qorataan waan adda baaseef, gaaffilee tarsiimoo shaakala yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa keessatti dhiyaatan qofaatu xiinxalamee dhiyaate.

Akka qorataan kitaabicha sakatta'etti qajeelfamni gilgaalaa akka barataan ariitiin dubbisuun deebii deebisuuf dhiyaate hinjiru. Haata'u malee, gaaffileen muraasni gilgaalota adda addaa jalatti dhiyaatan teeknika ariitiin dubbisuu fayyadamuun deebi'an kitaabicha keessaa kutamuun waraqaa kana keessatti xiinxalamaniiru.

Fakkeenyaaf, boqonnaa 1, fuula 7, gilgaala 7A, jalatti gaffiin filannoo lakkoofsa 6ffaa jalatti dhiyaate yaada waliigalaa dubbisaa akka barataan deebisuuf gaafata. Fakkeenyi kitaabicha keesaa fudhatame akka armaan gadiitti dhiyaateera.

6. Ergaa ijoon dubbisichi dabarsu isa kami?

Gaaffiin kun ergaa waliigalaa dubbisichaa irratti xiyyeeffata. kanaafuu, ergaan waliigalaa dubbisichaa keeyyata kam keessatti akka argamu adda baasuuf barataan dubbisa sana irra ija fiigsuun saffisaan dubbisuun barbaachisaadha. Yaada kana William (1996: 97) yemmuu ibsu, "The purpose of skimming is simply to see what a text is about. The reader skims in order to satisfy a very general curiosity about the text, and not to find the answer to particular questions;" jedha. Akka ibsa isaatti, kaayyoon dubbisa tokko ariitiin dubbisuu, ergaan dimshaashaa barruu tokkoo maal akka ta'e beekuuf. Dubbisaan yaada dimshaashaa barruchaa argachuuf ariitiin dubbisa male deebii gaaffilee dhiyaatanii tokko tokkoon deebisuuf miti jedha. kanaafuu, gaaffiin teeknika ariitiin dubbisuu fayyadamuun kan deebi'u ta'uu qorataan hubateera.

Boqonnaa 3, fuula 33, gilgaala 7B jalatti gaaffiin lakkoofsa 4ffaa, teeknika ariitiin dubbisuutti akka barattootni gargaaraman agarsiisa. Fakkeenyi kitaabicha keessaa fudhatame:

4. Ergaan waliigalaa dubbisicha irraa hubatte maali?

Gaaffiin kun yaada waliigalaa dubbisichaa dubbisichi haammate irratti xiyyeeffata. Kanaafuu gaaffii kana deebisuuf ergaan waliigalaa dubbisichaa keeyyata kam keessatti akka argamu hubachuuf barattootni dubbisa dhiyaate ariitiin dubbisuun barbaachisaadha.

Akka qorataan adda baasuu danda'etti, gaaffileen dubbisuun walqabatanii kitaaba kutaa 8ffaa keessatti teeknika ariitiin dubbisuu fayyadamuun deebi'an gaaffilee laman boqonnaa 1ffaa fi 3ffaa keessaa tarsiimoo dubbisa boodaa keessa fudhatamuun armaan olitti dhiyaatan qofaadh. Kanaafuu kitaabni barataa kutaa 8ffaa teeknika ariitiin dubbisuu irratti xiyyeeffatee dhiyaachuu irratti teeknikoota biroon yeroo walbiratti ilaalamu muraasa ta'uusaa waraqaa kanaan mirkanaa'eera. Ta'ullee, akka barattootni maloota ariitiin ykn saffisaan dubisuu dagaagfataniif qajeelfamonni gilgaalotaafi gaaffileen adda addaa teeknika ariitiin dubbisuu haammachuun dhiyaachuun barbaachisaa ture.

Teeknika ariitiin ykn saffisaan dubbisuu fayyadamuun dubbisa dubbifamu yeroo gabaabaa keessatti hubachuu danda'uuf nama gargaara (William, 1996). Kanaafuu kitaabni barataa tokko teeknika saffisaan dubisuu hammatee dhiyaachuun barbaachisaadha. Kitaabni barataa kutaa 8ffaa akka barataan teeknika kana fayyadamuu baruufi akka inni yaada waliigalaa dubbisaa sakatta'uuf ta'ee dubbisni dhiyaachuufi, itti fayyadama teeknikichaa barataan akka dagaagfatuuf ta'ee dhiyaachuun barbachisaadha.

Akka qorattootni ibsanitti kitaabni barataa kutaa 8ffaa teeknika ariitiin ykn saffisaan dubbisuu haammatee dhiyaachuun barbaachisaadha jedhu. Yaada kana (Amaliah, 2018: 43) yeroo ibsu, "Skimming method is very relevant to the eighth grade students, because students have experience in learning reading during in the seventh grade." akka ibsa isaatti teeknikni ariitiin dubbisuu barattoota kutaa saddeettaffaaf daran barbaachisaadha. Sababni barattootni muuxannoo dubbisa dubbisuu kutaa torbaffaatti argataniiru wan ta'eef. Kanaafuu kitaabni barataa kutaa 8ffaa teeknika ariitiin dubbisuu hammatee dhiyaachuu qaba.

**D. Teeknika Sakatta'aan Dubbisu**

Teeknikni sakattaan dubbisuu gulantaa dubbisuu adda addaa keessatti kan hojiirra ooleefi, akka barattoonni dubbisa keessaa odeeffannoo murtaa'aa gaafataman barbadanii argataniif ta'ee kitaabicha keessatti dhiyaachuu qorataan adda baasuun qaaccesseera.

Akka fakkeenyaatti, boqonnaa 1ffaa, fuula 4, keessati gaaffileen tarsiimoo yeroo dubbisuu bifa dhugaa /sobaafi kan biroon deebi'an teeknika sakatta'aan dubbisuu fayyaamuun kan deebi'aniidha. Sababni, deebiin isaanii murtaawaadha waan ta'eef. Akkasumas, fuula 7, tarsiimoo shaakala dubbisa boodaa keesatti gaaffileen gilgaala 7A, lakkoofsa 3 fi 5 jalatti dhiyaatan dubbisa sakatta'aa fayyadamuun deebiin isaanii deebi'uu danda'a. Fakkeenyi kitaabicha keessaa kutamuun gaditti dhiyaatera.

3. Hojjatanii duroomuuf hojii filatanii hojjachuun yeroo gabaabaa keessatti akka durooman nama taasisa. A. dhugaa B. soba

5. Keeyyata **5**ffaa sarara dhumaarratti gaaleen "...**gochaawwan akkasii**..." jedhu maal agarsiisa?

   A. malaanmaltummaa B. hanna C. matta'a D. hunduu deebiidha.

Gaaffilee armaan olitti dhiyaatan kanneen deebisuuf keeyyata yaadni gaaffilee keesatti argamu qofaa barbaaduun deebisuun nidanda'ama waan ta'eef gosa teeknika sakatta'aan dubbisuu fayyadamuun kan deebiin isaanii argamuudha.

Kan biraan, akka sakattoo taasifametti boqonnaan 2, gilgaalli 6, teeknika sakatta'aan dubbisuu irratti xiyyeeffata. Sababni gaaffileen kunneen Masaraan Kumsaa Morodaa eessatti akka argamu, bara kam akka ijaarame, gamoo meeqa akka qabuufi walakkaa isaatti maaltu akka argamu irratti xiyyeeffatee dhiyaate. Kanaafuu, qabxiilee kannen irratti hundaa'anii dubbisa dubbisuun gaaffileef deebi laachuun teeknika sakatta'aan dubbisuu fayyadamuuti.

1. Masaraan Kumsaa Morodaa eessatti argama?
2. Masaraan Kumsaa Morodaa bara kam ijaarame?
3. Masaraan Kumsaa Morodaa gamoowwan meeqa of keessaa qaba?
4. Walakkeessa masaraa kanaatti maaltu argama?

Akkasumas, boqonnaa 2, fuula 18, keessatti qajeelfamni gilgaala 7A, gaaffileen dhiyaatan dubbisa sakatta'aa fayyadamuun deebisuun nidanda'ama. Fakkeenyi kitaabicha keessaa fudhatame gaditti dhiyaateera.

1. Masaraan Kumsa Morodaa bara 1981 A.L.I hundeeffame.
2. Masaraan Kumsaa Morodaa hambaa seenaa qofa ta'ee tajaajila.
3. Hambaaleen aadaa madda galii ta'uu nidanda'u.
4. Masaraan Kumsaa Morodaa namoota biyya alaa qofaan daawwatama.

Kanafuu, barattootni bara hundeeffama masarichaa, hambaa maali akka ta'e, hambaaleen madda galii ta'uu isaaniifi namoota kamiin akka daawwatamu qofa barbaaduun deebii sirrii ta'e argachuu danda'u waan ta'eef teeknia sakatta'aan dubbisuu fayyadamuun deebii gaaffilee kanneenii deebisuun nidanda'ama.

Boqonnaa 2, fuula 18, gaaffileen gilgaala 7B jalatti dhiyaatan marti, teeknika sakatta'aan dubbisuu irratti xiyyeeffatu. Fakkeenyaaf:

1. Utubaan saddeettan Masaraa Kumsaa Morodaa keessatti argaman maal calaqqisiisu?
2. Hambaaleen seenaa qabatamoo Masaricha keessa jiran maal fa'i?

Fakkeenyaf akka sakattoo taasifamerraa hubatametti boqonnaan lama gilgaalli 7B, teeknika sakatta'aan dubbisuu irratti xiyyeeffatee dhiyaate. Sababni gaaffileen dhiyaatan dubbisicha keessa fiiguun qabxiilee gaafataman barbaaduudha waan ta'eef. Fakkeenyaaf utubaan saddeettan Masaraa Kumsaa Morodaa keessatti argaman maal akka calaqqisiisan beekuuf, hambaaleen seenaa qabatamoo Masaricha keessa jiran maal fa'a akka ta'an deebisuuf, tajaajila kutaaleen masarichaa adda addaa keessatti argaman qaban tarreessuun deebii kennuufi hambaa Masaraa Kumsaa Morodaa kunuunsuun gahee eenyuu akka ta'e adda baasanii deebii gaafile kannenii deebisuuf dubbisa dhiyaate sakatta'uun dubbisuu gaafata. Kanaafuu, gaaffileen kunneen teeknika sakatta'aan dubbisuu irratti akka xiyyeeffachuun dhiyaatan agarsiisa.

Gaaffileen tarsiimoo shaakala yeroo dubbisuu boqonnaa **3**ffaa, fuula **31**, irratti dhiyaatan marti teeknika sakatta'aan dubbisuun kan deebi'aniidha. Fakkeenyaf gaaffilee kanneen keessatti barattootni sababa haatiifi abbaan wayyuudha jedhamaniif adda baasuuf, wayyooma haadhaa ibsuuf maaltu akka kabajamuufi, wayyooma abbaa kabajuuf guyyaa dhaabbatamu qofa adda

baasuuf dubbisuu danda’u. Akkasumas wayyooma ijoollee dhiiraa ibsuuf ayyaanni kabajamu maal akka jedhamu adda baasuufi namni wayyooma dhowwate maal akka adabamu qofa barbaadee barataan deebisuu danda’a.

Gama biraan **boqonnaa 3ffaa**, tarsiimoo shaakala **dubbisa boodaa** keessatti gilgaalli 7A’n, firoomsiin dhiyaate, teeknika sakatta’aan dubbisuu fayyadamuun kan deebi’uudha. Sababni, gaaffileen bifa firoomsiin dhiyaatan, maqaa ayyaanota wayyooma maatii ykn haadha, abbaafi ijoollee tarree tokko keessatti dhiyaate walitti firoomsuudha waan ta’eefidha. Kanaafuu, gaaffileen kunneen teeknika sakatta’aan dubbisuu fayyadamuun kan deebi’an ta’uu qorataan adda baaseera.

Boqonnaa 4ffaa, tarsiimoo shaakala yeroo dubbisuu keessatti gaaffileen gilgaala 6, jalatti dhiyaatan martinuu dubbisa dhiyaate bifa sakatta’aan dubbisaa deebisuu irratti xiyyeeffatu. Sababni, gaaffileen dhiyaatan: sababa mootichi sodaatamuuf, namtichi gara mootiitti dhufe maal fiduu akka ajajame, rakkoo keessa galuu namichaa akkaataa haati warraa isaa itti hubatte fa’a gaaffilee jedhan deebisuuf dubbisa dhiyaate bifa sakatta’aan dubbisuun nideebi’a.

Bifuma walfakkaatuun, boqonnaa 5ffaa keessatti tarsiimoon shaakala yeroo dubbisuu gilgaala 6ffaa fuula 49-50’tti bifa bakka duwwaa guutuufi soba /dhugaan dhiyaatan martinuu teeknika sakatta’aan dubbisuun deebiin isaanii kan deebi’aniidha. Akkasumas, boqonnaa 6ffaa keessatti, gaaffileen gilgaala 6ffaa, tarsiimoo shaakala yeroo dubbisuu fuula 59, irratti bifa dhugaa/ sobaan dhiyaataniifi, gaaffileen filannoo gilgaala 7A, tarsiimo shaakala dubbisa boodaa keessatti dhiyaatan teeknika sakatta’aan dubbisuun deebiin isaanii kan deebi’u ta’uu qorataan hubateera. Haaluma walfaakkaatuun, gilgaala 7B, keessatti gaaffin lakkoofsa 3, irratti dhiyaate, ‘bosona manca’e deebisanii dandamachiisuuf tarkaanfiin fudhatamuu qabu maal fa’i? gaaffiin jedhu teeknika sakatta’aan fayyadamuun dubbisuun kan deebi’uudha. Sababni, gaaffichi rakkoo uumame furuuf tarkaanfilee fudhataman tarreessuu irratti xiyyeeffata waan ta’eef.

Boqonnaa 7ffaa, fuula 68, irratti gilgaalli tarsiimoo yeroo dubbisuu dhiyaateera. gilgaala kana jalatti gaaffileen 1-5, dhiyaatan martinuu teeknika sakatta’aan dubbisuun deebi’u. Sababni, gaaffilee sanneen deebisuuf, yaadota murtaa’oo ta’an qofa sakatta’uudha waan ta’eef. Fakkeenyaf, gaaffiin jalqabaa, daa’ima kunuunsuun maaliif akka barbaachisu, hojiilee daa’imman umrii xiqqaan hojjachuu qaban, umriin daa’immanii waggaa meeqa akka ta’e, gaaffii

dhugaaf sobaan deebi’aniifi, sababoota hojii humnaa olii akka daa’imman hojjataniif affeeraniidha. Dabalataan, gaaffileen 1-3, gilgaala tarsiimoo dubbisa boodaa keessatti dhiyatnis teeknika sakatta’aan dubbisuun kan deebi’aniidha. Akkuma gaaffilee sanneen irraa hubatamutti yaadni gaaffilee murtaawoodha waan ta’eef bakka ykn keeyyata yaadoleen sunneen keessatti dhiyaatan barbaaduun deebii isaanii argachuun kan danda’amuudha.

Haaluma walfakkaatun gaaffileen dhugaa /sobaa 1-2, gilgaala tarsiimoo yeroo dubbisuu boqonnaa 8ffaa fuula 76, keessatti dhiyaataniifi fuula 77, keessatti dhiyaatan martinuu bifa sakatta’aan dubbisuun kan deebi’aniidha. Sababni, gaaffiin lakkoofsa 3ffaa irratti dhiyaate, 3. Akka ilaalcha Sirna Gadaatti nageenyi kan barbaachisu eenyuufi? jedha. Kanaafuu, qaamota nageenyi barbaachisuuf qofaa dubbisa keessa barbaaduun deebii laachuun nidanda’ama. Akkasumas, gaffiin lakkoofsa 4, irratti dhiyaate qabeenyi uumamaa kan eenyuu akka ta’e gaafata waan ta’eef barattootni deebii kana deebisuuf dubbisa sakatta’aa fayyadamuu danda’u. Gama biraan, boqonnuma kana keessatti gaaffiin 2-4, gilgaala tarsiimoo dubbisa boodaa fuula 78, keessatti dhiyaate teeknika sakatta’aan dubbisuun kan deebi’uudha. Sababni, gaaffiin 2ffaa irratti dhiyaate, bu’aa nageenya irratti hojjachuun qabu irratti yoo xiyyeeffatu, kan lakkoofsa 3, immoo akka hawaasni sirna gadaa qabeenya uumamaa itti eegu irratti xiyyeeffata. Akkasumas, gaaffiin 4ffaa irratti dhiyate, sababa qabeenya uumamaa kan waloo taasisuun barbaachiseef gaafata. Kanaafuu, gaaffileen kunneen deebiin isaanii murtaawaadha waan ta’eef keeyyata yaada isaanii haammatu qofaa adda baasuun dubbisuun deebisuun nidanda’ama.

Boqonnaa 9ffaa fuula 87, keessatti gaaffileen gilgaala 7A, tarsiimoo shaakala dubbisa boodaa jalatti dhiyaatan teeknika sakatta’aan dubbisuun kan deebi’an ta’uu yaadni kitaabicha keessaa kutamuun armaan gaditti dhiyaate ni’addeessa.

A. **Dubbisa armaan oliirratti hundaa’uun kan sirrii ta’e *Dhugaa* kan sirrii hintaane immoo *Soba* jechuun deebisi.**

1. Jijjiirama qilleensaatiif sababni dhala namaa qofaadha.
2. Rakkoon jijjiirama qilleensaa dhimma biyyoota hundumaati.
3. Jijjiiramni qilleensaa roobni garmalee akka roobu gochuudhaan oomshtummaan akka dabalu taasisa.
4. Jijjiirama qilleensaa to’achuuf warshaaleefi industirii dhabamsiisuun murteessaadha.

Qajeelfamni gilgaala dhiyaatee soba /dhugaa irratti xiyyeeffata. Gaaffileen soba /dhugaa immoo filannoo lama qofaa qabu. Kana jechuun deebii sirrii argachuuf keeyyata yaadni gaaffilee kanneenii keessatti barraa'e qofaa adda baasuun deebii argachuun nidanda'ama. Fakkenyaf, jijjiirama qilleensaaf kanneen sababa ta'an maal fa'a akka ta'an bifa salphaan dubbisa keessaa argachuun nidanda'ama. Kanarraa ka'uun gaaffileen gilgaala 7A, tarsiimoo shaakala dubbisa boodaa keessatti dhiyaatan teeknika sakatta'aan dubbisuun kan deebi'an ta'uun hubatameera.

Boqonnaa 10ffaa kitaabichaa fuula 96 keessatti, gaaffileen gilgaala 6ffaa tarsiimoo shaakala yeroo dubbisuu keessatti dhiyaatan martinuu dubbisa dhiyaate bifa sakatta'aan dubbisuun kan deebi'aniidha. Sababi, gaaffiin dhiyaate deebii murtaawaa salphumatti dubbisa keessaa argamu irratti xiyyeeffate waan ta'eef. Fakkeenyaf, gaaffii 1ffaan jechi diraamaa jedhu afaan kam irraa akka dhufe gaafata. Kunimmoo haala salphaan keeyyata jalqabaafi sarara jalqaabaa keessatti dhiyaateera. Gaaffii 2ffaanis caacculee diraamaa gaafata waan ta'eef deebiin isaa xumura keeyyata jalqabaafi keeyyata goolabaa dubbisichaa keessatti bifa salphaan dhiyaateera. Kanaafuu gilgaalli kunneen teeknika sakatta'aan dubbisuu fayyadamuun kan deebi'an ta'uu hubachuun danda'ameera. Gama biraan gaaffii 1ffaan gilgaala 7, tarsiimoo shaakala dubbisa boodaa keessatti dhiyate teeknika sakatta'aan dubbisuun kan deebi'u ta'uun hubatameera.

Akka waliigalaati, qaaccessa taasifame kanarraa kan hubatamu, gaaffileen tarsiimoo shaakaloota dubbisuu garagaraa keessatti dhiyaachuun deebiin isaanii haala salphaan dubbisa keessatti eeramee jiru teeknika sakatta'aan dubbisuu jalatti kan ilaalamaniidha. Sababni gaaffileen dubbisa keessa fiiguun deebii murtaawaa ta'e barbaaduun deebifaman teeknika sakatta'aan dubbisuu jalatti ramadamu waan ta'eef. Yaada kana (Amaliah, 2018: 48) teeknika sakatta'aa dubbisuu keessatti barataan akka inni himoota keessaa yaada haqa ta'e barbaaduuf, dubbisichi maal akka ta'e akka ibsuuf, yaadni dhiyaate akaakuu maalii akka qabu akka ibsuuf, dubbisicha dubbisun deebii murtaawaa ta'e akka kennaniif irratti xiyyeeffatee teeknika dubbisuu hojiirra ooluudha. Kanarraa ka'uun gaaffileen baay'een gilgaalota garagaraa jalatti dhiyaatan dubbisa kitaaba keessatti dhiyaate mala ykn teeknika sakatta'aa fayyadamuun deebiin isaanii kan deebi'uu danda'u ta'uu qaaccessa taasifameen hubatameera. Dhumarratti teeknikni sakatta'aan dubbisuu teeknikoota kanneen biroo caalaa baay'inaan kitaaba kana keessatti akka tajaajile sakatta'a kitaabaa taasifameen hubatameera.

## E. Teeknika Gadifageenyaan dubbisuu

Akka qorataan qaaccessa gaggeesse irraa hubachuu danda’etti, gaaffileen teeknika gadi fageenyan dubbisuu fayyadamuun deebiin isaanii deebi’uu danda’u, gaaffilee gilgaalota tarsiimoo shaakala dubbisa boodaa keessatti dhiyaatan ta’uu qaacceessa taasifameen hubatameera. Gaaffilee teeknika gadifageenyan dubbisuu fayyadamuun deebi’an jedhee qorataan amane, kitaabicha keessaa akka fakkeenyatti fudhachuun waraqaa kana keessatti qaaccesseera. Fakkenyaf, boqonnaa 1ffaa fuula 6 keessatti gaaffileen gilgaala 7A, 1ffaa, 2ffaafi 4ffaa jalatti bifa filannoon deebi’an teeknika gadifageenyan dubbisuu fayyadamuun deebi’u. sababni, gaaffiin dhiyaate ergaa dubbisaa sirriitti hubachuu gaafata waan ta’eefidha. Akkasumas, gaaffileen gilgaala 7B, fuula 7 keessatti dhiyaatan martinuu teeknika gadifageenyan dubbisuu fayyadamuun deebiin isaanii kan deebi’uudha. Sababni, gaaffileen kunneen ergaa dubbisaa hubachuun kan deebi’aniidha.

Boqonnaa 2, fuula 18, gaaffilee gilgaala 7B jalatti dhiyaatan keessaa gaaffiin lakkofsa 4, irratti dhiyaate dubbisicha gadifageenyan dubbisuun deebisuu gaafata. Fakkeenyaaf:

4. Daawwannaan Masaraa Kumsaa Morodaa walitti dhufeenya namootaafi biyyaa cimsa yoo jedhu maal jechuudha?

Gaaffii kana keessatti barattootni, daawwannaan walitti dhufeenya mootummaafi biyyaa cimsa jechuun maal akka ta’e adda baasuuf dubbisa dhiyaate suutaafi gadifageenyan dubbisuun deebisuu barbaachisa. Sababni hariiroo daawwaan uumamu ibsuuf dubbisa sana sirriitti dubbisuun barbaachisaadha.

Boqonnaa 3ffaa, tarsiimoo shaakala dubbisa boodaa keessatti, gaaffileen ibsuu fuula 33, keessatti dhiyaatan martinuu dubbisa dhiyaate gadi fageenyan dubbisuun deebisuu irratti xiyyeeffachuun akka dhiyaatan sakattoo kanaan adda baasuun danda’ameera. Fakkeenyaf:

Boqonnaa 4ffaa, gaaffileen gilgaala 7B, 1ffaa fi 7ffaa male dhiyaatan teeknika gadi fageenyan dubbisuun deebisuu irratti xiyyeeffatu. Sababni, gaaffileen kunneen dubbisicha qofa dubbisuu osoo hintaane, ergaa dubbisichaas hubachuu fa’a gaafatu. Fakkeenyi armaan gaditti dhiyaateera:

Akkaataa durdurichaatti, "...akka ajaja Akkoo Manooyyee..." kan jedhu maal jechuu sitti fakkaata?
Gochaalee durduricha keessatti raawwataman duraa duuba isaanii eeguun afaaniin himi.
Yoomessi durdurii dhiyaate kanaa maali?

Dubbisa keessatti "Mootichi akka ajaja Akkoo Manooyyee isa ajajuuf deemu quba qaba ture." jedha. Ta'ullee ajajni Akkoo Manooyyee maal akka ta'e dubbisicha keessatti ifa galee ibsamuu baatus irra deddeebiin dubbisicha dubbisuun gaafficha hubachuun nidanda'ama. Akkasumas, gochaalee durdurii keessatti dhiyaate walduraa duubaan ibsuuf dubbisicha gadi fageenyan dubbisuu gaafata. yoomessa durdurichaa hubachuufis gadi fageenyan dubbisuu kan gaafatuudha. Kanaafuu, boqonnaa 4ffaa keessatti, tarsiimoon shaakala dubbisa boodaa gilgaala 7B, jalatti gaaffileen dhiyaatan teeknika gadi fageenyan dubbisuu irratti xiyyeeffachuun akka dhiyaatan qorataan hubateera.  Ta'ullee, gaaffileen lakkoofsa gilgaala 7B, lakkoofsa 1ffaafi 7ffaa dubbisa dubbisuun osoo hintaane muuxannoofi beekumsa duraan qaban fayyadamuun deebisuu irratti akeekanii kan dhiyaataniidha.

Bifuma walfakkaatun, boqonnaa 5ffaa, tarsiimoo shaakala dubbisa boodaa keessatti gaaffileen gilgaalli 7A jalatti dhiyaatan hunduu teeknika gadi fageenyan dubbisuun kan deebi'an ta'uu adda baasuun danda'ameera. Sababni, gaaffileen kunneen, rakkoo baay'inni ummataa dabaluun fidu, rakkoo kana furuuf tarkaanfii fudhatamuu qabu, godaansi akkamitti baay'ina ummataa akka dabalu, heddumminni ummataa jijjiirama qilleensaaf sababa akka ta'uu danda'u yaadota jedhan deebisuuf dubbisicha gadi fageenyan dubbisuun barbaachisaadha. Akkasumas, dubbisicha irraa maal hubatte gaaffii jedhu deebisuuf ergaa dubbisichaa sirnaan qalbeeffachuu gaafata. Kanaafuu, gaaffileen kunneen dubbisa dhiyaate suutaafi gadifageenyan dubbisuun kan deebi'an ta'uu qorataan hubateera.

Boqonnaa 6ffaa keessatti, gaaffileen 1, 2, fi 4, gilgaala 7B, tarsiimoo shaakala dubbisa boodaa fuula 62, irratti dhiyaatan teeknika gadi fageenyan dubbisuu fayyadamuun deebiin isaanii kan deebi'uudha. Qajeelfamni dubbisichaa dubbisicha irratti hundaa'uun deebii afaaniin deebisaa jedha waan ta'eef, dubbisa sirriitti dubbisuun ergaasaa qalbifachuun deebisuu waan gaafatuuf teeknika gadi fageenyan dubbisuu fayyadamuu kan gaafatu ta'uu qorataan adda baaseera.

Kan biroon, boqonnaa 7ffaa, fuula 70, irratti gaaffileen gilgaala tarsiimoo dubbisa boodaa keessatti dhiyaatan martinuu dubbisa dhiyaate hubannoon dubbisuu gaafata. Sababni gaaffiin

dhiyaate 4. Dubbisa oliirraa waan hubatte ibsi. jedha waan ta'eef. kanaafuu, gaaffii kana deebisuuf dubbisa haala gaariin qalbifachuun barbaachisaadha waan ta'eef.

Boqonnaa 8ffaa tarsiimoo dubbisa boodaa keessatti gaaffii 5ffaan gilgaala 7ffaa, jalatti dhiyaate teeknika gadifageenyan dubbisuun kan deebi'uudha. Yaada kana dhugoomsuf fakkeenyi kitaaba keessaa fudhatame armaan gaditti dhiyaateera. 5. Yaada ijoo dubbisa armaan olii cuunfuun ibsi.

Yaada gaaffii kana irraa akka hubannuti, yaada dubbisichaa cuunfuun ibsuuf dubisa dhiyaate sirnaan dubbisuun qalbifachuu gaafata. Sababni, yaadicha cuunfuuf ergaa yaadichaa hubachuun barbaachisaadha waan ta'eef.

Boqonnaa 9ffaa tarsiimoo shaakala yeroo dubbisuu keessatti qajeelfamni gilgaala dhiyaatee akka armaan gadiitti kaa'ameera.

**Gilgaala 6** **Dubbisa dhiyaate callisaan dubbisaa gaaffilee kanaa gadii dhuunfaan deebisi.**

Ajaja kanarraa akka agarrutti, dubbisa dhiyaate callisaan dubbisaa deebii laadhu jedha. Gaaffileen dhiyaatan yaada murtaawaa dubisa keessaa barbaadun kan deebifaman ta'ullee, qajeelfamni gilgaalaa callisaan dubbisuu irratti waan xiyyeeffatuuf teeknika gadifageenyan dubbisuu giddugaleessa kan godhate ta'uutu hubatame. Sababni, dubbisa tokko akka baratаan callisaan dubbisuuf ajajuun akka barataan ergaa dubbisichaa haala gaariin qalbifatuuf kan yaadameedha waan ta'eef. Bifuma walfakkaatu, gaaffileen gilgaala 7B, fuula 88, keessatti tarsiimoo shaakala dubbisa boodaa jalatti dhiyaatan teeknika gadifageenyan dubbisuun kan deebi'an ta'uu adda baasuun danda'ameera. Sababni, gaaffilen dhiyaatan afaanin deebisi jedha. kana jechuun gaaffilee sanneen afaanin deebisuuf dursa barattootni ergaa dubbisichaa sirriitti dubbisuun isaan irraa eegama.

Teeknikni gadifagenyan dubbisuu dubbisa dhiyaate tokko gadifageenyan (critically) dubbisuun odeefannoo barbaachisu argachuudha. Yaada kana (Oumelkhir, 2016: 7), yeroo eeru, "It is the type that involves short reading passages followed by textbook activities to develop comprehension and particular reading skills, most textbooks used to teach first language or second language reading use intensive reading approach," akka ibsa isaatti teeknikni gadifageenyan dubbisuu hubannoo fi dandeettii dubbisuu adda ta'e dagaagfachuf dalagalee

kitaaba barataa keessatti raawwatamu irratti kan xiyeeffatee dhiyatudha. Akka yaada isaatti teeknikni gadifageenyan dubiisuu dubbisa gabaabaa odeeffannoo gdifagoo ta'eefi odeeffannoo sirrii ta'e argachuuf dubbisuu kan hammatuudha. Itti dabaluun teeknikni gadifageenyan dubbisuu dubbisa gabaabaa dubbisuun itti fayyadama hiika jecha haaraa, dandeetii seerlugaa, fi hubannoo dubbisa tokkoo dagaafachuuf kan rawwatuudha.

Teeknikni dubbisuu gosa kanaa dubbisa tokko sarara sararan galmee jechaa fayyadamun, waliin dorgomsisuun, xiinxaluufi jijjiiruun (translating) qabiyyee dubbisaa dubbisuudha. Teeknika dubbisu kana Brown (1994: 400) yeroo ibsu, "Intensive teqnique calls attention to grammatical forms, discourse markers, and the surface structure details for the purpose of understanding literal meaning, implications, rhetorical relationships, and the like." jechuun eera. Teeknikni dubbisuu kun unka caaslugaaf xiyyeeffannoon akka laatamuuf, mallattoolee dubbii adda basuuf, kaayyoo hiika barruu hubachuuf caasaa irraa gadifageenyan ilaaluu, fi kkf dha. Kanarratti hundoofnee teeknikni gadifageenyan dubbisuu gosa teeknika hubannoof dubbifamuudha. Akka qoratichi adda baasuuf yaaletti shaakalota dubbisa boodaa dalaguuf teeknika gadi fagenyaan dubbisuu barachuun akka barbaachisu hubatamera. Dimshaashumatti kitaabni barataa tokko teeknika kana irratti xiyeeffatee dhiyaachuun gaaidhas barbachisaadhas.

### F. Teeknika Bal'inaan Dubbisuu

Teeknikni dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti hindhiyatin hafe, teeknika bal'inaan dubbisuti. Kunimmoo akka baratan barreeffamoota heddu yookaan kitaabilee adda addaa yerooo dheeraaf dubbisuu baruuf akka hinshaakaleef affeera. Hata'u malee bal'inaan dubbisun teeknika dubbisuu keessaa isa tokkoofi kan odeeffannoof yookaan dubbisa bashannanaa fayyadamuuf barruu hedduu dubbisuuti. Akka (Michael, 2003: 145) ibsutti teeknika bal'inan dubbisuu keessati dubisaan dandeettii afaaniirra qabiyyee dubbisaa irratti xiyyeeffata. Teeknikni bal'inan dubbisuu dubbisa tokko dhimma dhuunfaaf, hawaasummaaf, dhimma barnootaafi kan biroof hojiirra ola jedha. Akka hayyuun kun ibsutti dubbisaan teeknika dubbisu kana fayyadamu dubbisni dubisfamu yoo hawwataa ta'uu dhabeef yeroo kamuu dubbisuu dhaabuuf mirga qaba. Haalli dubbisa isaas aritiin kan gaggeeffamuudha jedha.

Gosa teeknika dubbisuu kana baratoota barsiisuun nijajjabefama. Sababni sadarka gahumsa dubbisuu adda addaaf, fedhi dubisuufi meshaalee dubbisaa adda addaa filachuuf yeroo

barbadanitti akka itti fayyadamaniif waan isaan gargaaruuf (Michael, 2003). Kanaan walqabate akka qorataan yaada hayyuu kanarraa hubatetti teeknikni dubbisuu kun hoji dubbisuu dareen alatti gaggeefamu akka ta'efi akka barataan dubbisa gara garaa dareen alatti dubbisuu danda'uuf yaadamee kan barsifamudha. Ta'ullee dubbisni dheeran yookaan qajeelfamni gilgaalaa akka barataan barreeffama dheeraa ykn kitaabilee garagaraa dubbisuu shakaluuf kitaaba kuta 8faa keessatti dhiyate hinjiru.

Teeknikni bal'inaan dubbisuu faallaa teeknika gadi fagenyaan dubbisuuti. Teeknikni kun gosa dubbisuu dalagaa dareen ala raawwatu iratti kan xiyeeffatuudha. Sababni tarsimoo dubbisuu dubbisa bal'aa dubbisuu iratti xiyyeeffata waan ta'eef. Yaada kana (Oumelkhir, 2016: 8) akka ittaanuttu eera, "Extensive reading implies longer texts (Ibid). Extensive reading, as it is a faster reading of longer passages to develop understanding of writers organizational strategies, improve reading speed, and focus on the main ideas." Teeknikni bal'inaan dubbisuu dubbisa bal'aa dubbisuu irratti kan hunda'udha. Teeknikni kun akka bartaan kitaaba heddu yookaan dubbisa bal'aa ariitiin dubbisuun yaada ijoo irratti hundaa'ee odeeffannoo barreessaan eere hubachuu danda'uuf kan gargaruudha.

Kanaaf qajeelfammoonni dandeettii dubbisuun walqabatanii kitaaba barataa kuta 8ffaa keessatti dhiyatan akka barataan gahumsa kitaabilee heddu yookaan dubbisa bal'aa dubbisuuuf dhiyate akka hinjirre qoratan sakattoo taasise iraa hubachuu danda'eera. Ta'ullee, kitaabni barata tokko akka baratan haala adda adaan dubbisa dubbisuu shaakaluuf iratti xiyyeeffatee dhiyachuun barbaachisaadha.

Walumaagalatti akka qorataan sakattoo kitaaba kutaa 8ffaa irratti gaggeesse irraa hubatetti, teeknika dubisuun walqabatee sakattoon gageeffamera. Haaluma kanaan teeknikootni dubbisuu kitaaba Kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan walhinmadaalan. Akka qorataan adda baasuu danda'etti kitaaba kanaa keessatti teeknikni sakatta'aan dubbisuu iddoo olaanaa akka qabu qaaccessa taasifamerraa hubatameera.

Garuu teeknikni bal'iaan dubbisuu goonkumaa akka hindhiyaatin qorataan hubateera. Gama biraan teeknikni ariitin dubbisuu muraasni qofti akka dhiyate qorataan adda baasuu danda'eeera. Haaa ta'u malee bifa walmadaaluun dhihaachuu dhabuun dhiibbaa akka qabu beekamaadha. Sababni kitaabni barataa teeknika dubbisuun ittiin barsifamu mara hamatee dhiyachuu waan

qabuuf. Fakkeenyaaf teeknikni ariitiin dubbisuu baay'inaan kitaaba barata keessattii hamatamuu dhabuun rakkoon dandeettii saffisaan dubbisuu barattoota mudachuu waan danda'uuf kitaaba kana keessatti haammatamee dhiyaachuun barbaachisaadha. Kan biroo qajeelfamooni adda addaa akka barataan manattis ta'e daree keessatti dubbisa dheeraa dubbisuuf ta'ee dhiyaachuun barbaachisaadha. Dandeettii sa'aatii dheeraafi dubbisa dheeraa dubbisuu barataa akka dagaaguuf.

### 4. 5. Xiinxala Haala Dhiyaannaa Shakala Dubbisa Boodaa Kitaaba Kutaa 8ffaa

Shakalli dubbisa bodaa kun erga hojiin dubbisuu xumuramee booda bakka waantonni adda adda dubbisarratt xiyyeeffatanii itti hojjetamanidha. Sadarka barattonni dubbisicha ilaalchise yaada adda adda itti calaqqisisuu danda'nidha. Shaakala dubbisa bodaa keessatti barattonni yaada waliigalaa dubbisichaa akka guduunfan kan isaan gargaaru ta'e dubbisicha muuxannoo, bekumsaafi jireenya isaanii wajjin akka wal qabsiisan gargaara. Yaaduma kana kan deeggaru (Williams, 1984) akkas jedha, kaayyon shaakala dubbisa boodaa waan dubbifame irratti yaada waliigalaa kan beekkumsaafi ilaalcha barattotaan walqabatu kaa'uf jedha. Akka ibsa isaatitti shakalli dubbisa boodaa yaada dubbisarraa hubatan irratti hundaa'anii ilaalcha qaban eeruudha. Kanaaf shaakala dubbisa boodaa kitaaba barataa keesatti dhiyatu irratti hundaa'ee barsiisaan akka barattonni dubbisicha jireenya isanii waliin walqabsisanifi maalummaa dubbisichaa akka sirriitti hubatan taasisuun barbaachisaadha (Harmer, 2001). Shakala dubbisa boodaa keessatti miseensotni xinqoqaa kanneen akka seerlugaa, hiika jecha haaraa, fi haasawaa adda adda fa'an ta'u danda'u. Gabate arman gadii keessatti shaakalli dubbisa boodaa kitaaba kuta 8ffaa kessatti dhiyate sakatta'amun dhiyateera.

**Gabatee 4: Haala Dhiyannaa Shaakala Dubbisa Boodaa Kitaaba Kuta 8faa**

| shaakala dubbisa boodaa | Baayina shaakalaa | Boqonnaa | Fuula, | Parsantaa (%) |
|---|---|---|---|---|
| Shaakala dubbisa boodaa | 18 | Hunda | 6,7,18,32,33,42,51,60, 62, 70, 78, 87, 88, 98 | 47.4 % |

Akka qoratan sakattoo tasisetti shaakaalli dubbisa boodaa kitaaba kuta 8ffaa kessatti dhiyate waliigalan qajeelfamoota kudha saddeetin (47.4%) dhiyaate. Shaakalli kun shaakaloota kanneen biroo caalaa heddumminan akka dhiyate qoratan adda baaseera. Kanaaf kitaabni kutaa 8ffaa kun

gama kannan cimina akka qabu nimul'ata. Akka shaakala dubbisa boodaa kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyateetti gaffileen dhiyatan qabiye dubbisa dhiyaatee akka barataan keessa deebiin sakata'uuf kan affeeruudha. Kunis baratan maal akka dubisefi maal akka hubate akka adda baasuuf xiyyeeffatee akka dhiyaate qoratan hubachu danda'eera.

Akka beektonni baressanitti shaakalli dubbisa boodaa gaaffilee adda adda kannen akka gaaffilee hubannoo, gaafilee hiika jechoota haaraa dubbisa keessaa bahanii, gaffilee yaada hingoolabamin hafe goolabuu, gaafilee dubbisuun hiriyaa ofiittti himuufi dareef gabaasuu, gaaffilee adda adda kanneen akka filannoo, firomsuufi kan biroo haammatee akka dhiychuu qabu (Richards, 2001) ni'eera.

Akka qoratan adda baasuu danda'etti shaakalli dubbisa boodaa kitaaba kutaa 8ffaa kessatti dhiyate hubannoo barataa adda baasuufi akka baratan gadi fageessee barruu dhiyaate xiinxaluuf akka dhiyaate qoratan adda baasuu danda'eera. Arman gaditti gaaffile gosa kamtu kitaaba kuta 8ffaa kessatti akka hammatamee dhiyaate mul'isu gabateen ibsameera.

**Gabatee 5: Gosa Gaafilee Shaakala Dubbisa Boodaa Kitaba Kutaa 8ffaa Keessatti Dhiyaatan Agarsiisu**

| **Gaafilee** | **Erra Deebiin Dhiyachuu** | **Parsantaa** |
|---|---|---|
| Filannoo | 2 | 11.11% |
| Firomsii | 1 | 5.55% |
| Hiika jecha haaraa | _ | - |
| Dhuga yookan soba | 3 | 16.66% |
| Afaaniin debisuu | 3 | 16.66% |
| Dareef gabasuu | 2 | 11.11% |
| Kan biroo | 7 | 38.88% |

Akka gabatee arman olii irraa hubatametti shaakala dubbisa boodaa qajeelfamoota 18 kitaabicha kessatti dhiyatan keessaa gaafileen filannoo 2 qofadha. Firomseen 1 qofadha. Hiikni jecha haaraa dubbisa keessatti dhiyate bifa gaaffiin hindhiyanne. Kunimoo akka baratoonni hiika jecha haaraa dubbisa keessatti dubbisan irra deebiin qalbifachuu isanii adda baasaniif gochuurratti rakkoo kan

uumuudha. Gama biraan gaaffilen dhugaa ykn sobaa shaakala dubbisa booda keessatti hammatame baay'inan 3 qofadha. Kan biraan gaafilen afaaniin deebisuu shaakala dubbisa boodaa kitaaba kuta 8ffaa kessatti irra deebiin dhiyatan 3 qofadha.

Gaafileen dareef gabaasuu irratti xiyyeffatanii dhiyatan 2 qofa yemmuu ta'u gaaffileen bifa gara garaa kanneen akka yaada waljijjiiruu, sababfi bu'aa ibsuu, dubbisa irrati hunda'uun deebisuufi kan biroo shakala dubbis boodaa kitaaba kuta 8ffaa keessatti irra deddeebiin dhiyatan 7dha. Dimshaashumatti shaakalli dubbisa boodaa kitaaba kutaa 8ffaa keessattii dhiyate gaaffile adda addaa haammatee dhiyachuun isaa akka ciminaatti ilaalama.

**Gabatee 6: Barattota Hirmachisuu Irrati Haala Dhiyaannaa Qajeelfamoota Gilgaalaota Shaakala Dubbisuu Kitaaba Kutaa 8ffaa**

| T.L | Barattoota Hirmaachisuu Irratti Haala Dhiyaannaa Gilgaalaa | Qajeelfamoota Gilgaalaa | Dhibbantaa (%) |
|---|---|---|---|
| 1 | Hojii dhuunfaa | 28 | %73.7 |
| | | | |
| 2 | Hojii garee | 10 | %26.3 |
| 3 | Ida'ama | 38 | %100 |

Akka sakatta'i kitaabaa gaaffilee gilgaalota shaakala dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatee agarsiisutti, qajeelfamoonni gilgaalota shaakaloota dubbisuu waliigalaan 38, dha. Kanneen keesaa qajeelfamni hojii dhuunfaa irratti xiyyeeffatu baay'naan 28, dha. Kan hojii garee irratti xiyyeeffatee dhiyaate immoo baay'inaan 10, dha. Sakatta'a kitaabaa kanaan, qajeelfamoonni gilgaalota shaakala dubbisuu dhiyaatan baay'inaan hojii dhuunfaa irratti xiyyeeffachuu isaanii agarsiisa. Hojii dhuunfaa irratti baay'inaan xiyyeffachuun akka kitaabichi hanqina dhiyaannaa qabu agarsiisa. Sababni, malli baruu barsiisuu ammayyaa hojii dhuunfaarra hojii gareef xiyyeeffannoo bal'aa laata waan ta'eef (Nunan, 1998).

Qajeelfamoonni gilgaalota shaakaloota dubbisuu kitaabicha keessatti dhiyaatan hedduun akka barattoonni dalagaalee kanneen irratti wajjin hirmaataniif ta'ee hindhiyaanne. Kan ta'uu qabu akka barattoonni walitti dhufuun wajjin hojjatan ta'ee dhiyaachuudha. Akka Richards (2001) ibsutti, adeemsa baruuf barsiisuu keessatti gaheen barattoonni sagantaa dandeettii dubbisuu keessatti qabanu, gareen hojjachuu, itti gaafatamummaa fudhachuufi sagantaa barnootaa hogganuudha jedha.

Akka haala dhiyeenyaa afaan barsiisuu ammayyatti (communicative language teaching approach) dandeettiin dubbisuu gocha dhuunfaan dalagamu ta'us, dalagaa garee irratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha (Nunan, 1998). Qajeelfamoonni gilgaalota shaakaloota dubbisuu kitaabicha keessatti dhiyaatan hedduun hojii dhuunfaa irratti xiyyeeffachuun dhiyaachuun isaanii mala afaan barsiisuu duudhawaa (traditional language teaching) irratti akka xiyyeffate agarsiisa. Akka hayyoonni jedhanitti garuu, qajeelfamoonni gilgaalota shaakaloota dubbisuu hojii garee irratti haala xiyyeeffateen saxaxamuu qaba (Nunan, 1998); (Willis, 1996).

Qajeelfamoonni gilgaalota shaakaloota dubbisuu kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatan hojii garee irratti xiyyeeffatanii dhiyaachuun akka barattoonni adeemsa keessa gahumsa walqunnamtii isaani gama dandeettii dubbisuun dagaagfataniif gargaara. Kunis akka barattoonni adeemsa dubbisuu keessatti yaadaafi odeeffannoo barbaachisaa ta'e walirraa hubataniif gargaara (Willis, 1996). Barattoonni yeroo dalagaalee dubbisuu irratti waliin hirmaatanu, yaada walxaxaa waliif ibsu, hiika jechoota haaraa dhiyaate walitti himu, seerluga walii isaaniif adda baasu, walduraa duuba yaadaa waliif sirreessaa dubbisuun ergaa dubbisaa hubachuu danda'u (Willis, 1996). Kunimmo, akka isaan walirraa barataniif gargaara.

Akka waliigalaatti, qajeelfamoonni gilgaalota shaakaloota dubbisuu kitaabicha keessatti dhiyaatan, akka barataan wajjiniin hirmaatee yaada waliif qoodee dandetticha hingabbifanneef ta'ee akka dhiyaatee sakattoon taasifame ni'agarsiisa. Ta'ullee qajeelfamoonni gilgaalota shaakaloota dubbisuu kitaabichaa haala barattoota gareen hirmaachisun saxaxamuun dhiyaachuun barbaachisaadha.

**4. 6. Xiinxala Qindoomina Dandettii Dubbisuu fi Dandeettii Biroo Kitaaba Kutaa 8ffaa**

Kitaabni barataa tokko dandeettilee biroo walkeessa dhiyeessuun barbachisadha. Dalagaaleen dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyate dandeetile kaneen akka barreesuufi dubachuu

waliin baay'inaan qindaa'ee kan dhiyateedha. Akka Richards (2001) addesutti dalagaan dubisuu kitaaba barataa keesatti dhiyatu haala qindoomina qabuun tarsiimoofi haala adda addaatti kan jijjiiramu ta'uu qaba. Akkasumas mala barachuu tokko qofa irratti xiyyeefachuu hinqabu jedha.

Kanaafuu kitaabni barataa tokko hala shaakala gara garaa dandetilee biroo hammateen dhiyaachuun barbaachisaadha. Yaada kana Shaun (2004) yeroo eeru kitaabni barata akka barataan shaakala itti fufaa ta'e taasisuufi yeroo dheeraaf itti fayyadamuuf dalagaalee dandeettilee biroo kan adda addaa kan barataaf carraa gara garaa uumu hammatee dhiyaachu qaba jedha. kanaafuu, kitaabni kutaa 8ffaa dalagaalee dubbisuu cinaatti dalagaalee dandeettilee biroo kan adda addaa hammatee akka dhiyaate qorataan qorannichaa xiinxala gaggeesse irraa hubachuu danda'eera.

Dandeetileen afaanii martinuu walirratti hirkatoodha. Dandettiin afaanii qofaa dhaabbatuufi qofaasaatti tajaajila kennu hinjiru. Uumaman kan walitti qindaa'aniidha. Karaa biroon yemmuu dandeettin afaanii tokko shakalamu dandettin biroos kan shaakalamuufi karaa alkallattiin kan dagaguudha. Kanaaf dandettiin dubbisuu dandettiiwwan biroo faana qindoomina qaba. Cunnings worth (1995) yaada kana akkas jedha; dubbisuun dandettiwwan biroo faana qindoomuu danda'a. addatti dandettii dhaggeffachuufi barreesuu wajjin qindoomina ol'anaa ta'e qaba jechuun eera. Kanan walqabate beektonni tokko tokko sababaan dandettiin dubbisuu walxaxaa ta'eef yeroo eeran dandettii dubbisuu shakaluuf dandettii biroo shaakaluu gaafata (Harmer, 1996), (Williams, 1984), (Shaun, 2004).

Fakeenyaaf baratoonni erga dubbisa dubbisanii booda yaada waliigala dubbisichaa cuunfuun deebi'anii afaaniin himuu yookaan daref gabaasuu danda'u. kana gochuf immoo barruu sirriitti dubbisuu gaafata. kunimmoo dandeettii yaadqalbii isaanii kanneen akka sababessuu, xiinxaluufi tarreessuu isaanii dagagsuuf gargaara. kanaaf dandettiin dubbisuu dandettiiwwan biroo faana qindomina qaba.

**Gabatee 7: Dandettiilee Biroo Barannoo Dandeettii Dubbisuu Kessatti Dhiyatan Agarsisu**

| **Gosa Dandettilee** | **Irra Deddeebii** | **Parsantaa** |
|---|---|---|
| Dubbachuu | 27 | 72.97% |
| Barressuu | 10 | 27.02 % |

| | | |
|---|---|---|
| Dhaggeffachu | _ | _ |
| Fayadama Jechaa | _ | _ |
| Casluga | _ | _ |
| Afoolaa | _ | _ |

Akka gabatee arman oliirraa hubachuun danda'ametti dandettii dubbisuu keessatti dandettileen biroo haammataman dubbachuufi barressuudha. Kanan ala dandettiin biroo barannoo dandettii dubbisu kessatti haammatamee kitaaba kuta 8ffaa keessatti dhiyate hinjiru. Akka qoratan sakkattoo gaggesse irraa arguu danda'etti qajelfamoota gilgalota dandeettii dubbisuu 38 kitaaba baraata kuta 8ffaa kessatti haammataman kessaa qajelfamonnii dandetii dubbisuu 27 dandeettii dubbachuu irratti xiyyeffatan. Fakkenyaaf qajeelfamootni gilgaala 27 (71.05%) deebiin isaanii afaaniin deebisi kan jedhudha. Kun kan agarsisu dandettiin dubbisuu dandettii dubbachuu waliin qindoomina guddaa kitaba barata kuta 8ffaa keessatti akka qabu agarsisa.

Dandettii dubbisuu dandettii barreessuu walin qindomina qaba. Sababni baratan barruu tokko dubisuun yaadannoo qabachuu waan danda'uf. Baratan dubbisa kitaba barata keessatti dhiyatu dubbisee yaada ijoosaa barreessuu danda'a. Yaada kana Cunnings worth (1995) akka ittaanutti addeessa. Yaadanno dubbiisa tokkoo barresuun wanta dubbisan tokko yaadachufi hubachuuf karaa bu'a qabeessadha. Yaadannoo dubbisa tokkoo qabachuufi yaada ijoo isaa hubachuun tarreessu danda'un barabachisaadha. Kanaaf dandettleen afaanii waliin qinda'anii dhiyachuun dandettiin barattotaa akka dagaaguuf gargaara.

Kanarraa ka'ee qajeelfamota gilgaala dandettii dubbisuu 38 kitaaba barataa kuta 8ffaa keessatti dhiyatan kessaa qajeelfamonni 10 (26.3%) dandettii barreessu waliin qindoomina uumuun dhiyatan. Kanarraa kan baratamu dandettin afaanii qofaa mul'achuurra dandettile biron qindoomina uumee dhiyachuun akka barbachisu agarsisa. Fakkenyaaf dubbisa **Sirna Gadaafi Nageenya** jedhu irratti hunda'ee gilgaala 7, fuula 78, irratti **yaada dubbisa arman olii cuunfuun ibsi** jedhee dhiyateera. Kunimmoo dandettilen dubbisuufi barresuu akka waliin qindomina qaban agarsiisa. kanaaf gilgaalonni akkanaa dandettii dubbisu keessati haadhiyatan male gosa dandettii barreesuuti. Ta'ullee dandettileen kanneen akka dhaggeefachuu, itti

fayyadama jechaa, caaslugaafi afoolaa barannoo dandeettii dubbisuu keessatti haamatamanii akka hindhiyatin qorataan qorannichaa sakattoo gaggeesserraa adda baasuu danda’era.

**Gabatee 8: Dandettiilee Dubbisuu Barannoo Dandettile Biroo Kessatti Dhiyatan Agarsiisu**

| Gosa Dandettilee | Irra Deddebii | Parsanta |
|---|---|---|
| Dubbachuu | 3 | 27.2 % |
| Barressuu | 10 | 71.42% |
| Dhaggeffachu | 11 | 33.33…% |
| Fayadama Jechaa | 5 | 27.77..% |
| Casluga | 9 | 60% |
| Afoolaa | 2 | 18.18..% |

Akka gabate armaan olirraa hubatamuti dandettiin dubbisu dandettii dubbachuu keessatti dhiyate baay’innan 3 (27.2%). Qajeelfamoota dandettii dubbachuu 11 kitaba barata kuta 8ffaa keessatti dhiyatan keessaa kan dandettii dubbisuu irratti xiyyeffate baay’inan 3 qofadha. Haata’u malee akkuma dandettiin dubbachuu barannoo dandettii baressuu keessatti baay’inan haammatame dhiyate dandettiin dubbisuu barannoo dandettii dabachuu keessatti baay’inan haammatamuun waliin qindaa’e baratamuun barbachisadha.

Qajeelfamoota gilgaala dandetti barreessuu 14 kitaba barata kuta 8ffaa keessatti haamataman kessaa dandettii dubbisuun qindomina kan qabu 10 (71.42%) dha. Kanarraa akka hubatamutti dandettiin barreesuu dandettii dubbisuu waliin qindoomina guddaa akka qabu agarsiisa. fakkeenyaf dubbisa tokko dubbisun gaffilee hubannoo akka dalagan taasisun dandettilee kannen lamaan altakkatti barsiisuun nidanda’ama.

Fakkenyaaf kitaaba barataa kuta 8ffaa fuula 8, kessatti **Dubbisa gadii matadureen isaa “Amanamummaa” jedhu akka fakkeenyaatti dhiyaate ka’umsa godhachuun matadureewwan gaditti kennaman keessaa tokko filachuudhaan barreeffama keeyyata 3-4 qabu barreessi.** Ajjajni jedhu qindoomina dubbisuufi barreessuun dhiyaate.

Kunimmoo dandettilen lamaan qindoomina bal’aa akka waliin qaban agarsiisa. Gower et al. (1995) yero ibsan dandeettin dubbisuu fi barreessuu uumamaan qindomina guddaa ta’e waliin

qabu jedhu.  Kanaafuu lamaan isaanii walirraa adda bahuu hindanda'an jechaadha. Akka Gower et al. (1995,f. 11) jedhanitti, "In other words, reading has more contribution for writing by giving inputs such as passages, vocabularies, grammar rule punctuation and other important inputs." Kaa'u. Akka ibsaniti dandeettin dubbisuu dandeettii barreessuutif galteewwan adda addaa kanneen akka: dubbisaa, hiika jecha haaraa, seerluga, sirna tuqaaleefi kan biroo dandettii barreessuuf dhiyessuu keessatti shoora ol'aanaa qaba jedhu. Haaluma walfakkaatun, dandeettiin dubbisuu qofaa isaa dhiyaachuurra, dandeettilee dubbachuufi barreessuu waliin qindaa'ee dhiyaata jechuun kaa'u. Walumagalatti kitaaba barataa keessatti dandeettilee adda addaa walitti qindessun dhiyeessun beekumsa hariiroo isaanii akka barataan qabaatuuf gargaara.

Gama biroon barannoo dandeetti dhaggeeffachuu jalatti qajeelfamoota gilgaalaa 33 kitaba barata kuta 8ffaa keessatti dhiyate keessaa qajeelfamni gilgaalaa dandetti dubbisuu irratti xiyeefate baay'inaan 11 (33%), dha. Dandeettiin dubbisuufi dhaggeeffachuu waliin qindaa'uun dhiyaachuu akka danda'an hayyuun ibseera. Cunnings worth (1995, f.95), "Reading can be linked to other skills, particularly listening and writing." Kun kan agarsisu dandettileen kunneen lamaan akka waliin qindoomina bal'aa qabanu agarsiisa.

Qajeelfama gilgaalaa fayyadama jechaa 18 kitaba barataa kuta 8ffaa kessatti dhiyate keessaa qajeelfamni gilgaalaa dandettii dubbisuun waliin qindaa'ee dhiyaate baay'inaan 5 (27.77..%) dha. Hangi qindoominaa qajeelfama gilgaala kanneenii xiqqaatus dandeettileen lamaan kunneen akka hariiroo waliin qaban ni'agarsiisa.

Kan biroo qajeelfama gilgaalaa caaslugaa 15 kitaaba barata kuta 8ffaa keessatti dhiyate keessaa kan dandeettii dubbisuu waliin qindoomina qabu 9 (60%) dha. kunis dandeettileen kunneen hariiroo bal'aa akka waliin qabanuuf mul'istuudha. Xumura irratti qajeelfamota gilgala afoolaa 7 kitaba barta kuta 8ffaa keesatti dhiyatan keessaa qajeelfamni gilgaalaa dandettii dubbisuu waliin qindaa'ee dhiyaate baay'inaan 2 (18.18..%) qofa dha. hangi qindoomina qajelfama gilgaalaa dandeettilee kanaa kan biroon yeroo wal biratti ilaalamu xiqqadha. Garuu dandeettileen kunneen waliin qindaa'uun dhiyaachuu akka danda'anu kun agarsiiftuudha.

## 4.7. Xiinxala Hanqina Haala Dhiyaannaa Shaakala Dubbisuu Kitaaba Kutaa 8ffaa

Kitaabni barataa tokko akkuma cimina qabu hanqinas qaba.  Jalqaba irratti galma barnootichaa agarsisuuf kaayyoon qabiyyee baratamuu hundi jalqaba boqonnaale irratti dhiyaataniiru. Garuu

shaakalonni dubbisuu akka baratan shaakaluuf irraa eegamu hedduun isaanii ajaja ifaa kan hammatanii dhiyaatanii miti. Fakkenyaaf, gaafilee arman gadiii deebisi jechuun male akkamitti akka deebi'u hinibsamin hafe. Kan ta'uun barbaachisu, gaaffilee armaan gadii afaaniin, barreeffamaan, dareef gabaasuun, gahee taphachuun, fi kkf bifa jedhuun dhiyaachuun barbaachisaadha.

Shaakaloonni dubbisa duraa akka hayyoonni adda addaa eeranitti gosa gaaffilee adda adda irratti xiyyeeffataniin hindhiyaanne. Fakkeenyaaf qajeelfamni gilgaalaa shaakala dubbisa duraa fi yeroo dubbisuu tokko tokko qofaatu hammatame. Qajeelfamni gilgaalaa shaakala dubbisa dura tokko qofaan hammatamuun akka baratan dubbisa dubbifamuuf dursee hinqophoofne taasisa. Akka sakattoo tasifame kanarraa hubatamutti xiyeeffannoon shaakala dubbisa duraaf laatame laafaa ta'uun akka hanqinaatti adda baheera. Garuu kitabni barataa tokko dubbisaan dura gaffilee yaada dubbisichaatiin walqabatan irratti xiyyeeffachuun gaaffilee adda addaa hammatachuun dhiyaachuun barbachisaadha. Akkasumas muuxannoo barataafi yaada dubbisichaa walitti hidhuuf shaakalli dubbisa duraa gahee ol aanaa waan qabuuf gaaffii dabalataa dubbisichaafi muuxannoo barattootaa walitti hidhu dhiyeessuun barbaachisaadha

Gilgaalonni tarsiimoo dubbisa duraa Boqonnaa 1, fuula 4, boqonnaa 3, fuula 30, boqonnaa 4, fuula 40, boqonnaa 5, fuula 49, boqonnaa 6, fuula 58, boqonnaa 7, fuula 67, fi boqonnaa 8, fuula 76, irratti dhiyaatan, qajeelfama tokko qofaan deebii gaaffile beekumsa duraa barattootaa kakasuu irratti xiyyeeffatuufi hiika jechoota haaraa tilmaamuu irratti xiyyeeffatu haammatanii dhiyaatan. Fakkenyi kitaabicha kessaa boqonnaa 1 fuula 4, fi boqonnaa 3 fuula 30, keessaa fudhatame gaditti dhiyaateera.

3. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

a. duroomuu b. naamusa c. dandamachuu d. milkaa'uu

3. Yaadrimee jechoonni armaan gadii woyyooma namaa keessatti qaban cimdiin walitti himaa.

a. Ingiccaa b. Ukee c. Taaboree d. Qunnii e. Ateetee f. Ilillii

Akkuma ajaja kitaabicha keessaa fudhatame irraa hubannutti, hiikni jechootaa qajeelfamoota ofdanda'een hindhiyaanne. Akka hanqinaatti hiikni jechootaa qajeelfamoota ofdanda'aan kan dhiyaachun malu, qajeelfamoota biroo keessatti dhiyaachudha. Kan ta'uun malu, hiikni

jechootaa qabiyyee barnoota afaanii isa barbaachisaadha waan ta’eef qajeelfama of danda’een dhiyaachuun barbaachisadha.

Gilgaalli shaakala dubbisa duraa boqonnaa 2ffaa fuula 15, boqonnaa 9ffaa fuula 86, fi boqonnaa 10ffaa fuula 96, keessatti dhiyaatan gaaffilee muuxannoo barattootaa irratti xiyyeeffatan male, gaaffilee hiika jechootaa tilmaamuu irratti xiyyeeffatan haammatanii hindhiyaanne. Kan ta’uu qabu gaaffilee hiika jechootaa tilmaamuu qajeelfama ofdanda’een haammachuun dhiyaachutu barbaachisaadha. Gama biroon gaaffileen garagaraa shaakala dubbisa duraa keessatti hinhaammatamin hafuun akka hanqinaatti hubatame. Kanaafuu, gaaffilee garagaraa hammachuun dhiyaachuun barbaachisaadha.

Akkuma armaan duratti ibsamaa dhufe, hanqinni biroo kitaaba kana keessatti ija qorataan argame, gilgaalonni hedduun dalagaa dhuunfaa irratti xiyyeeffachuudha. Kunimmoo, dandeettin dubbisuu kitaabichaa haala dhiyeenyaa walqnnamtiif xiiyyeeffannoo guddaa akka hinlaanne hubatame.

Gilgaalli shaakala yeroo dubbisuu qajeelfama tokko qofaa hammatee dhiyaachuun akka hanqinaatti ilaalameera. Akkasumas, shaakala yeroo dubbisun walqabatee akka hayyooni jedhanitti shaakala yeroo dubbisuu keessatti gaaffilen kannneen akka yaadannoo qabachuu, walduraa duuba himaa tartiibessuu, hima ijoo keeyyataa adda baasuu, diyaagraamii adda addaa guutuu, yaada hafe goolabuu, hiika jecha haaraa tilmamuu, jala sararuu, yaada waliigalaan ibsuu, yaada murtaawaa adda baasuu fi kan biroo ifa ta’ee dhiyaachuu qaba jechuun Cunnings worth (1995) ibsa. Akka qorataan sakatta’a kitaabaa gaggeesseen adda baasuu danda’etti, gilgaalonni shaakala yeroo dubbisuu keessatti dhiyaatan, yaada murtaawaa adda baasuu fi hima ijoo keeyyataa adda baasuu qofadha. Kana waan ta’eef, yaadonni armaan olitti hayyootni eeran osoo kitaabicha keessatti haammatamuun dhiyaatani barbaachisaadha.

Qajeelfamoonni gaafilee dhiyaatan martinuu akka barataan kitaabileefi dubbisa dheeraa dubbisuu shaakaluuf hinajajne. Akkasumas akka barataan dubbisa dhiyaatu ariitiin, sakatta’aan, gadifageenyaafi bal’inaan dubbisuuf ajajni tokkalleen hin dhiyaanne. Yookaan qajeelfamoonni shaakala yeroo dubbisuus ta’ee kan dubbisa boodaa, bifa, ***‘**Dubbisa armaan gadii ariitiidhaan/saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.’, ‘Gaaffiwwan armaan gadii dubbisicharratti hundaa’uun barreeffaman suuta dubbisuun deebisaa.’, ‘Gaaffiwwan*

*armaan gadii erga barreeffama armaan gadii gadi-fageenyaan dubbistee booda, deebisi* bifa jedhu fa'aan hindhiyaanne. Kan ta'uu qabu, bifa fakkeenya qajeelfama armaan olitti dhiyaateen dhiyaachuutu barbaachisaadha.

Akkuma gilgaala shaakala dubbisa duraa, gilgaalonni shaakaloota dubbisuu hedduun isaanii hojii dhuunfaa irratti xiyyeffachuun akka kitaabichi gama kanaan hanqina dhiyaannaa qabu agarsiisa. Sababni, haalli dhiyeenyaa afaan barsiisuu walqunnamtii (communicative languate teaching approach) hojii dhuunfaarra hojii gareef xiyyeeffannoo bal'aa laata jechuun (Nunan, 1998) ibsa waan ta'eef.

Gama biroon shaakala dubbisa bodaa keessatti gaafiin hiika jechoota haaraa dubisa keessaa bahan dalaguu hinhaammatamne. Dimshaashumatti kitaabni barataa kutaa 8ffaa haala dhiyannaa dandettii dubbisuun walqabatee hanqinni muraasni akka jiru adda baasuun danda'ameera. Kan ta'uu qabu, hiika jechoota haaraas ta'ee kan biroo haala barbaadamuun haammatamuun dhiyaachuun barbaachisaadha.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

## 5.1. Goolaba Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooree garagaraa bu'uureffateeti dalagame. Kaayyolen gooree qorannoo kanaas: haala dhiyaannaa shaakala dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa ibsuu, shaakalli dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan dandeettiilee biroo waliin hariiroo qabaachuu isaanii addeessuu fi hanqinni shaakala dubbisuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan maal akka ta'eefi maaltu akka furmaata ta'u addeessuu kan jedhuudha. Maddi ragaa qorannoo kanaa kitaaba barataa kutaa 8ffaa yemmuu ta'u ragaan qorannoo kanaa bifa lakkoofsaa, gabateefi jechaan xiinxalame waan ta'eef qorannichi gosa qorannoo ibsaan kan xiinxalame. Malli qorannoo makaas kan hojiirra ooleedha. Akkasumas, meeshaan ragaan qorannoon kun ittiin sassaabame sakatta'a kitaabaati. Armaan gaditti immoo argannoofi yaadni furmaataa qorannoo kanaa dhiyaateera.

## 5.2. Argannoo Qorannichaa

- Shaakalli dubbisa duraa fi yeroo dubbisuu gilgaala tokkoofi qajeelfama tokko-tokkoon qofa yemmuu dhiyaatan, shaakalli dubbisa boodaa garuu gilgaala tokkoofi qajeelfamoota lama-lamaan bifa A, B, tiin dhiyaachuusaa qorannoon kun ifoomseera.
- Qajeelfamoota gilgaala dandeettii dubbisuu waliigalaan 38, kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaateen walqabatee shaakalli dubbisa duraa %26.3 (10x100/38), yemmuu ta'u, shaakalli yeroo dubbisuus akkasumas %26.3 dha. Shaakalli dubbisa boodaa immoo %47.4 (18x100/38) akka ta'e qorannoo kanaan mirkanaa'eera.
- Qabiyyeen dubbisaa kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti dhiyaate: seenduubee barataa, sadarkaa fi umrii barataa irratti xiyyeeffatee kan dhiyaateefi, iftoomina kan qabu ta'uu qorannoo kanaan mirkanaa'eera.
- Gaaffileen gilgaala shaakala dubbisa duraa kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, teeknika beekkumsa duraa kakaasuu fi tilmaamuu irratti xiyyeeffachuun dhiyaachuu isaanii qorannoon kun ifoomseera.
- Gaaffileen gilgaalota shaakala yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaatan, teeknika ariitiin dubbisuu, sakatta'aan dubbisuufi gadifageenyan dubbisuu irratti xiyyeeffatanii kan dhiyaatan ta'uun adda baheera.

- Kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti gaaffileen gilgaala shaakaloota dubbisuu hedduun teeknikni sakatta'aan dubbisuu irratti xiyyeeffatanii yemmuu dhiyaatan, gaaffileen gilgaala shaakaloota dubbisuu muraasni immoo teeknika beekumsa duraa kakaasuu, , saffisa ykn ariitiin dubbisuu, tilmaamuufi gadifageenyan dubbisuu irratti xiyyeeffatanii dhiyaachuu isaanii qorannoo kanaan ifoomeera.
- Gaaffiis ta'ee qajeelfamni teeknika bal'inaan dubbisuu irratti xiyyeeffatee dhiyaate akka hinjirre qorannoo kanaan ifoomeera.
- Shaakala dubbisa boodaa keessatti gaaffilee hiika jechoota haaraa male, gaffileen biroo garagaraa kan dhiyaatan ta'uu qorannoon kun ni'agarsiisa.
- Qajeelfamoota gilgaalota shaakaloota dubbisuu 38 kitaaba kana keessatti dhiyaatan keessaa 28 (%73.7) hojii dhuunfaa irratti yemmuu xiyyeeffatan, 10 (%26.3) hojii garee irratti xiyyeeffatanii akka dhiyaatan qorannoon kun ni'ifoomsa. Yookaan shaakalli dandeettii dubbisuu kitaaba kana keessatti dhiyaatan heddumminaan hojii dhuunfaa irratti xiyyeeffachuun kan dhiyaataniidha.
- Dandeettiin dubbisuu barannoo dandeettilee biroo keessatti qindaa'ee dhiyaateera. Ta'us, dandeettii dubbachuufi barreessuun ala dandeettiin biroo barannoo dandeettii dubbisuu keessatti qindaa'ee dhiyaate akka hinjirre qorannoon kun ni'agarsiisa.

### 5.3. Yaada Furmaataa Qorannichaa

- Shaakaloonni dubbisuu osoo haala walmadaaluun dhiyaatanii gaariidha.
- Shaakala yeroo dubbisuu keessatti, gaaffileen garagaraa osoo haammatamuun dhiyaatanii gaariidha.
- Shaakala dubbisa duraa keessatti gaaffileen garagaraa dhiyaatan gajeelfama of danda'aniin osoo dhiyaatanii gaariidha.
- Kitaabni barataa kutaa 8ffaa teeknika gadifageenyan dubbisuus osoo haammatee dhiyaatee gaariidha. Sababni, "Most textbooks used to teach FL or SL reading use intensive reading approach" Oumelkhir and Wafa (2016, f.8) jedhu waan ta'eef.
- Qajeelfamoonni gilgaalota shaakaloota dubbisuu baay'inaan osoo hojii garee irrati xiyyeeffatee dhiyaatee gaariidha.
- Dandeettileen garagaraa barannoo dandeettii dubbisuu keesati osoo qindaa'ee walkeessa baratamee gaariidha.

## Wabiilee Qorannichaa


Abeer Al-Ghazo, (2015). *The Effect of SQ3R and Semantic Mapping Strategies on Reading Comprehension.* Learning among Jordanian University Students. Ajloun National University.

Addunyaa Barkeessaa, (2011). *Akkamtaa.* Yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti, Finfinnee: Efficency Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa, (2012). *Natoo.* Yadrimee Caasluuga Afaan Oromoo**.** Mega printing. PLC.

Alderson .J. Charles, (2000)**.** *Assessing Reading***.** Cambridge. Cambridge University Press.

Atkins et al. (1996). *Skills Development Methodology*.Addis Ababa: University Printing Press.

Berg B. (2001). *Qualitative Research Methods for the Social sciences.* California State University, Long beach

Berregui Oumelkhir and Boulaachab Wafa (2016). *The Role of Skimming and Scanning in Developing Reading Abilities in ESP Class.* Kasdi Merbah University – Ouargla Faculty of Letters and Languages Department of Letters and Foreign Languages.

Wiener Bazerman (1997). *Reading Skills* Hand Book**.**

Carrell, P. L. (1989). *Metacognitive awareness and second language reading, Modern Language Journal,* 73, 2,121-34.

Cortina, J. fi Elder, J. (2005). *Openning Doors*. *Understanding College Reading*: McGraw Hill Higher Education.

Dastaa Dassaalanyi, (2013). *Bu'ura Qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

D. Miller*, (*2012*). Reading with meaning*. teaching comprehension in the primary grades, 2nd Edition Portsmouth: Stenhouse Publishers.

Eka Rezqi Amaliah (2018). *Teachers' Methods In Teaching Reading Comprehension Skill At Mts Negeri 1 Makassar*. A Thesis Submitted in Partial Fulfillment of the Requirements for

Degree of Sarjana Pendidikan in English Education Department of Tarbiyah and Teaching Science Faculty of UIN Alauddin Makassar

Ellis, G. fi Sinclair, B. 1989.*Learning to Learn Enlish.A Course in Learner Training*: Cambridge University Press.

Grellet, F. (1981). *Developing of Reading Skills* **.** Cambridge University press

Hedge T. (2000). *Teaching and Learning English*. London: Longman UK Group Ltd.

H. Douglus Brown, (2007). *Principles of Language learning and Teaching.* Fifth edition Francisco State University

Hunkin,T. Haynes, M.,& Coady, J. (1993). *Second language reading and vocabulary learning*. Norwood, N.J:Ablex Publishing Corporation.

Iwan Fauzi (2018). *The Effectiveness of Skimming and Scanning Strategies In Improving Comprehension and Reading Speed Rates for the Students of English Study Program*. REGISTER JOURNAL Vol. 11, No. 1, 2018, pp.101-120

Jawad Junaid, (2015). *Gender Differences in Readimg Achievemnt and motivation*. Department of Curriculum, Teaching and Learning: Ontario Institute for Studies in Education of the University of Toronto. 60.

Johnston, P. (1984). Prior knowledge and reading comprehension test bias. Reading Research Quarterly, 19(2), pp. 219-239. doi: 10.2307/747364

Michael Daniel Ambatchew (2003*). The effect of primary English readers on reading skills in Ethiopia (A study in African educational needs).* PhD Dessetation. University of Pretoria, PRETORIA. Unpublished.

Michael Grenfell and Vee Harris, (1999). *Modern Languages and Learning Strategies* London: 11 New Fetter Lane, London EC4P 4EE.

Milkeessaa Nuguseetiin, (2020). *Sakatta'a Gilgaalota Dubbisuu*: Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa. Yuunivarsiitii Haramayaa. Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa. Kan hinmaxxanfamin.

Misgaanuu Dirribaa, (2018). *Xiinxala Hubannoof Dubbisuu Barattoota Daree Barnoota Afaan Oromoo*: Godina Jimmaa Aanaa Noonnoo Beenjaa Mana Barumsaa Qophaa'ina Algaatti. Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa. Finfinnee. Kan hinmaxxanfamin

Ornprapat Suwantharathip (_______). *Implementing Reading Strategies based on Collaborative Learning Approach in an English Class*. Bangkok University ornprapat.s@bu.ac.th

Richardas .J. C. (2001). *Curriculum development in Language Teaching.*Cambridge :Cambridge University Press.

Negash Getachew, (2008). *A Comparative Study of the methods of teaching Reading employed by the televised teacher and the classroom teacher with especial reference to grade nine students of Jimma town Senior Secondary Schools.* (MA Thesis). Addis Ababa University. Unpublished.

Nuttall C. (1992). *Teaching Reading Skills in a foreign language*. Heinemann Educational Brooks Ltd.

Nuttal, C (1996). *Teaching reading skills.* UK McMillan Publisher Limited.

Rafael Zaccaron; Carlla Dall´Igna; Lêda Tomitch. *Untangling reading strategies and reading skills in an ESL textbook*. *Horizontes de Linguística Aplicada*, ano 16, n. 2, 2017.

Reading for Ethiopia's Achievement Developed Community Outreach (READ CO) (2015). Cooperative Agreement No: AID 663-A-15-0000.

Sarantakos, S. (2005). *Social Research*. Beiljing: Palgrave Macmillan Ltd .

Schunk, D. H. (2003). *Self-efficacy for reading and writing: Influence of modeling, goal setting, and self-evaluation*. Reading and Writing Quarterly, 19(2), 159-172. doi: 10.1080

/10573560308219

University of Melbourne (UM) (2010). The Teaching and Learning Unit. Melbourne

Ur, P. (1991). *A course in language teaching: Practice and Theory*. Cambridge University Press.

Vithal, J. and Jansen, J. (2001). *Designing Your First Research Proposal*. Lansdowne: Juta and Co Ltd.

Wiliams, E. (1984). *Reading in Language Classroom.* Macmillan Publishers.Ltd.

Williams, M., & Burden, R. L. (1997). *Psychology for language teachers: A social constructivist approach.* Cambridge, UK: Cambridge University Press.

## CHEEKLIISTII SAKATTA'A KITAABAA QORANNICHAA

Kaayyoon qorannoo kanaa, Haala Dhiyaannaa Shaakala Dubbisuu Kitaaba Kutaa 8ffaa Xiinxaluudha. Kaayyoo kana irratti hundaa'ee, qabxiilee armaan gaditti dhiyaatan fayyadamuun kitaabni barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanfame sakatta'amuun dhiyaateera. Qabxiileen xiyyeefannoo sakatta'aa:

- Qajeelfamoonni shaakaloota dubbisuu muraasni dhiyaatee fi kan baay'inaan dhiyaate kam akka ta'e adda baasuu,
- Qabiyyeen dubisaa kitaaba kutaa 8ffaa keessatti dhiyaate, seenduubee barataa, sadarkaafi umrii barataa irratti xiyyeeffachuufi iftoomina qabaachuu isaa adda baasuu,
- Teeknikoota dubbisuu kitaaba kutaa 8ffaa keessatti hojiirra oolaniifi kan hojiirra hinoolle adda baasuu,
- Gosoota gaaffilee shaakala dubbisa boodaa keessatti dhiyaatanii adda baasuu,
- Qajeelfamoonni shaakala dubbisuu dhiyaatan barattoota gareefi dhuunfaan hirmaachisuu isaanii adda baasuu,
- Shaakalootni dubbisuu dhiyaatan, dandeettii biroo kanneen kam waliin hariiroo akka qaban adda baasuufi
- Hanqinni shaakaloota dubbisuu sakatta'amuun adda ba'an kam kam fa'a akka ta'an adda baasuudha.